Qajeelfama Lakkoofsa 17/2015

## Qajeelfama Qaamolee Raawwachiiftuu Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Aangessuuf Bahe

Aangoofi hojii Bulchiinsa Magaalaa Shaggariif Dambii hundeeffama magaalichaa Lakkoofsa 233/2015tiin kenname karaa guutuufi bu'a qabeessa ta'een hojiirra oolchuuf tarreeffama isaa Qajeelfamaan baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Dhimmoota bulchiinsa investimentii, bulchiinsaafi ittifayaydama lafaa, misooma, bulchiinsaafi dabarsa manneenii, pilaanii, galii, tajaajila bishaan dhugaatiifi dhangala'aa, misooma qonnaa, eegumsa naannoofi dhimmoota biroo Bulchiinsi Magaalichaa of-danda'ee hojjechuu qabu karaa iftoominaafi ittigaafatamummaa qabuun raawwachuu akka danda'u karaa guutuu ta'een aangessuun waan barbaachiseef;

Sirna hordoffiifi deeggarsaa qaamolee mootummaa sadarkaa Naannoofi Magaalicha gidduu jiru iftoomina akka qabaatu akkasumas aangoofi hojii magaalichaaf seeraan kenname karaa bu'a qabeessa ta'een hojiirra ooluu akka danda'u taasisuun waan barbaachiseef;

Magaalicha keessatti hojimaata ammayyaa diriirsuun kenniinsa tajaajilaa si'ataa, bu'a qabeessaafi haqa qabeessa ta'e tajaajilamtootaaf kennuun magaalaa kallattii hundaan dorgomaa, hawwataa, midhagaafi filatamaa ta'uun dantaa uummataa kaabachiisuu danda'u dhugoomsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Akkaataa Dambii Hundeeffama Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Lakkoofsa 233/2015 Keewwata 66 tiin Qajeelfamni kun baheera.

### Kutaa Tokko
### Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Qajeelfamni kun **"Qajeelfama Qaamolee Raawwachiiftuu Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Aangessuuf Bahe, Lakkoofsa 17/2015"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Qajeelfama kana keessatti:

   1) **"Boordii Investimentii"** jechuun qaama bulchiinsa investimentii Naannichaa ol'aanaa ta'uun bu'uura Labsii 249/2015 keewwata 35(1) tiin hundeeffamedha.
   2) **"Bu'a Qulqulluu"** jechuun bu'aa qulqulluu Dhaabbanni Misoomaa Mootummaa Magaalichaa waggaatti argatu irraa of-eeggannoon seeraa citee kan Fandii Misoomaatti galii ta'u dha.
   3) **"Bulchiinsa Magaalaa"** jechuun Bulchiinsa Magaalaa Shaggar dha.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

4) **"Dambii"** jechuun Dambii Hundeeffama Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Lakkoofsa 233/2015 dha.
5) **"Dhaabbata Misoomaa Mootummaa"** jechuun dhaabbata misoomaa guutummaan guutuutti kaappitaala mootummaatiin misooma magaalichaa deeggaruuf hundaa'e ta'ee, kaayyoo Qajeelfama kanaatiif dhaabbilee misoomaa Bulchiinsi Magaalichaa qooda aksiyoonaa dhibbeentaa shantamaa ol keessaa qabu kan dabalatudha.
6) **"Fandii Misoomaa"** jechuun milkaa'ina hojii misooma Magaalicha keessatti gaggeeffamu deeggaruuf Fandii Misoomaa Magaalichaa akkaataa Qajeelfama kanaatiin hundeeffamedha.
7) **"Hojjetaa Mootummaa"** jechuun namoota mana hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa bulchiinsa magaalichaafi kanneen sadarkaa Naannootti argaman keessatti mindeeffamanii dhaabbiidhaan hojjechaa jiraniidha.
8) **"Kantiibaa"** jechuun abbaa aangoo ol'aanaa qaama raawwachiisaa Bulchiinsa Magaalichaati.
9) **"Koree Investimentii"** jechuun Koree Investimentii Magaalaa Shaggar bu'uura seerota investimentii Naannichaatiin hundeeffamedha.
10) **"Lafa Magaalaa"** jechuun lafa akkaataa seeraatiin bulchiinsa magaalichaa jalatti daangeeffamee daangaa bulchiinsa magaalichaa keessatti argamudha.
11) **"Magaalaa"** jechuun Magaalaa Shaggar dha.
12) **"Mana Maree Bulchiinsaa"** jechuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa yookiin Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaa Shaggariidha.
13) **"Mana Maree"** jechuun Mana Maree Magaalaa Shaggariidha.
14) **"Walta'iinsa Mootummaafi Dhuunfaa"** jechuun waliigaltee yeroo dheeraa qaamni mootummaa waliigaltee seenuufi abbaa qabeenyaa dhuunfaa gidduutti dhiyeessii bu'uuraalee misoomaafi tajaajilaa irratti taasifamu dha.
15) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
16) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.
17) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin kan seeraan mirgi namummaa kennameefiidha.
18) **"Pilaanii"** jechuun pilaanii Magaalichaa akkaataa Dambichaatiin qaama aangoo qabuun ragga'edha.
19) **"Pilaanii Magaalichaa"** jechuun qaama aangoo qabuun kan mirkanaa'eefi dirqisiisummaa seeraa kan qabu ta'ee gosoota pilaanii misooma ispaashaalaa, pilaanii caasawaa, pilaanii hulaa misoomaa, pilaanii qinda'aa bu'uura misoomaa, pilaanii misooma qarqara lageeniifi haroowwanii, pilaanii misooma qe'ee, pilaanii saxaxa magaalaafi teessumaa, pilaanii bu'uraa, pilaanii parsileeshinii yookiin gosa pilaanii biroo amala misooma magaalaa ta'ee, miiltoowwan barreeffamaa pilaanicha ibsan kan biroo ni dabalata.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

20) **"Pirezidaantii"** jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

21) **"Qonnaan Bulaa"** jechuun nama daangaa magaalichaa keessatti mirga ittifayyadama lafaa qabaatee hojii qonnaatiin galii laficharraa argamuun ofiisaafi maatii isaa bulchudha.

22) **"Ramaddii"** jechuun pirojeektota investimentii faayidaa ol'aanaa hawaasummaafi diinagdee keessatti qaban madaaluun dorgommiin ala haala lafti mootummaa daangaa magaalichaa keessatti argamu hojii investimentiitiif qaama aangoo qabuun liiziin akka kennamu murtaa'udha.

3. **Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. **Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Bulchiinsa Magaalichaafi caasaalee isaa sadarkaan jiran hunda irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta'ee, dhimmoota adda bahanii Qajeelfama kana keessatti hammataman ilaalchisee Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo jiran irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. **Qajeeltoowwan Bu'uuraa Magaalichaa**

Qaamoleen Mootummaa magaalichaa aangoofi hojii magaalichaaf kenname yemmuu hojiirra oolchan qajeeltoowwan bu'uuraa armaan gadii hordofuu qabu:

1) Misoomni magaalicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu pilaanii magaalichaa hordofuudhaan misooma magaalichaa kan saffisiisu, fayyadamummaa qonnaan bulaafi hawaasa magaalichaa kan mirkaneessu, sochiiwwan misooma hunda-galeessaa kan saffisiisu, akkasumas misooma hirmaachisaafi ittifufiinsa qabu fiduu kan dandeessisu ta'uu isaa mirkaneeffachuu;

2) Lafa, albuuda, qabeenya bishaanii, bosonaafi qabeenya biroo daangaa magaalichaa keessatti argamu akkaataa seeraafi bu'uura pilaaniitiin qusannaa, kunuunsaafi sirnaan faayidaa olaanaaf ooluu akka danda'uun ittifayyadamuu;

3) Sagantaa misooma manneenii ammayya'aa, lafaafi baasii qusachuu danda'u hojiirra oolchuun mana jireenyaa sadarkaa isaa eeggate gatii madaalawaan jiraattotaaf akka dhiyaatu xiyyeeffannaan hojjechuu;

4) Magaalicha keessatti dhiyeessii bu'uuraalee misoomaafi kenniinsa tajaajilaa qindaa'aafi walitti hidhamiinsa qabu guddisuun bulchiinsi gaariifi ittiquufinsi jiraattotaa akka mirkanaa'u hojjechuu;

5) Misooma industriwwan godoo, intarpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaa, fi investimentiifi industirii magaalicha keessatti babal'isuun diinagdee magaalichaa guddisuun hojii dhabdummaan akka hir'atu taasisuu;

6) Investimentiin magaalicha keessatti qabiyyee qonnaan bulaa irratti gaggeeffamu waltata'iinsa qonnaan bulaafi abbaa qabeenyaa yookiin qonnaan bulaafi bulchiinsa



Waajjira Pirezidantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

magaalichaa yookiin qonnaan bulaa, bulchiinsa magaalichaafi abbaa qabeenyaatiin ta'ee, karaa fayyadamummaa qonnaan bulaa mirkaneessuun qofa ta'uu;

7) Misoomni Magaalicha keessatti gaggeeffamu afaan, seenaa, aadaa, duudhaafi safuu Ummata Oromoo giddugaleessa kan godhate ta'uu;
8) Magaalcha misoomsuun qabeenya uumuufi maddoota galii magaalichaa babal'isuun galii baasiiwwan magaalichaa uwwisuufi guddina Naannichaa utubuu danda'u walitti qabuu;
9) Sagantaaleefi tooftaalee qulqullina, magariisummaafi hawwatummaa magaalichaa mirkaneessuu danda'an hojiira oolchuun magaalichi jiruufi jireenya dhala namaatiif mijataa akka ta'u hojjechuu;
10) Humna namaa dandeettii ogummaafi gahumsa gaggeessummaa ol'aanaa qabu, kalaqaafi yaadota haaraa maddisiisuu danda'u magaalicha keessatti ramaduun kaayyoo hundeeffama magaalichaa galmaan gahuuf hojjechuu.
11) Ittifayyadamaaa teknolojii sadarkaa ol'aanaatti hojiirra oolchuun kalaqa jajjabeessuu, keenniinsa tajaajilaa bu'a qabeessa taasisuufi sadarkaa jireenyaa jiraattotaa fooyyessuuf hojjechuu;

## Kutaa Lama

## Aangoofi Hojii Bulchiinsi Magaalichaa Dhimmoota Investimentii Irratti Qabu

### 6. Haala Simannaafi Murtee Pirojektii investimentii

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, Magaalichi bulchiinsa investimentii ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Pootenshaala investimentii magaalicha keessatti argamu qorachuun hojii beeksisuu ni hojjeta; akka beeksifamu ni taasisa;
2) Gosaafi carraa investimentii magaalichi qabu addaan ni baasa; investeroota hojii investimentii irratti bobba'uu barbaadaniif odeeffannoo barbaachisaa ta'e ni kenna;
3) Barreeffamoota investimentii babal'isuuf gargaaran ni qopheessa; investerootaafi dhimmamtootaaf ni raabsa; daawwii addaa qopheessee investerootaafi qaama dhimmi ilaalu ni affeera; sosochiiwwan misooma investimentii, foramiiwwan abbootii qabeenyaa, baazaariifi egizibiishiniiwwan adda addaa ni gaggeessa; raawwii isaas ni madaala;
4) Investimentii gosa kamiyyuu simachuun dura lafti tajaajila investimentiif oolu akkaataa pilaanii magaalichaatiin akka qophaa'u ni taasisia; lafti qophaa'e Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaan ilaalamee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin erga mirkanaa'ee booda waamicha ifa ta'e gochuun investerri akka simatamu ni taasisa;
5) Boordii Investimentiifi Biiroo Investimentiifi Industrii Oromiyaa bakka bu'uun gaaffii pirojektii investimentii:



Waajjira Pireezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(a) Lafa mootummaa irratti akka gaggeeffamuuf abbootii qabeenyaa biyya keessaa yookiin biyya alaatiin dhiyaatuu ni simata; ni xiinxala; Koree Investimentii magaalichaatiif dhiyaatee erga mirkanaa'een booda waliigaltee ni raawwata; akkaataa waliigalteetiin hojiirra akka oolu ni taasisa;

(b) Lafa qabiyyee qonnaan bulaa irratti abbootii qabeenyaa biyya keessaa yookiin biyya alaa sheeriidhaan qonnaan bulaa waliin hojjechuuf fedhii qaban ni simata; ni xiinxala; Koree Investimentii magaalichaatiif dhiyaatee erga mirkanaa'een booda waliigaltee ni raawwata; akkaataa waliigalteetiin hojiirra akka oolu ni taasisa;

(c) Qonnaan bulaa lafa mootummaa yookiin lafa qabiyyee dhuunfaa isaa irratti dhiyaatu kamiyyuu ni simata; ni xiinxala; lafa mootummaa irratti yoo ta'e calbaasii ifa ta'een walii isaanii gidduutti akkaataa seerota rogummaa qabaniin dorgomsiisuun bu'a dorgommichaa xiinxaluun Koree Investimentii magaalichaatiif dhiyaatee erga mirkanaa'een booda waliigaltee ni raawwata; akkaataa waliigalteetiin hojiirra akka oolu ni taasisa;

(d) Waldaalee Hojii Gamtaa yookiin Intarpiraayizoota Maayikiroofi Xixiqqaa gara investimentiitti ce'aniin gosa pirojektii hunda irratti ni simata; ni xiinxala; calbaasii ifa ta'een walii isaanii gidduutti akkaataa seerota rogummaa qabaniin dorgomsiisuun bu'aa dorgomichaa xiinxaluun Koree Investimentii Magaalichaaf dhiyaatee erga mirkanaa'ee booda waliigaltee ni raawwata; akkaataa waliigalteetiin hojiirra akka oolu ni taasisa;

(e) Kanaan dura Boordiin murtee argatanii jijjiirraa iddoo yookiin jijjiirraan saayit-pilaanii akka raawwatamuuf yemmuu gaafatan kara Waajjira investimentiifi Industirii Magaalichaa ni simata; ni qulqulleessa; Koree Investimentii Magaalichaaf dhiyaatee murtii akka argatu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

(f) Gaaffii babal'ifannaa abbootii qabeenyaatiin dhiyaatu kamiyyuu bu'uura seeraatiin simachuun pilaanii magaalichaan kan walsimu ta'uu isaa mirkaneessuun Koree Investimentii magaalichaatiin erga murtaa'een booda waliigaltee ni raawwata; akkaataa waliigalteetiin hojiirra akka oolu ni taasisa;

6) Gaaffii pirojektii investimentii sadarkaa magaalichaatti simatamanii murtee argatan waliigaltee pirojektii investimentii ni mallatteessa; hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; raawwii isaa ni hordofa;

7) Pirojektoota investimentii gurguddaa faayidaa addaa Naannoofi biyyaalessaa qaban kan sadarkaa Biiroo yookiin Boordiitiin akka simatamaan itti amaname simachuun lafti akka qopha'uu tasiisuun akka hojitti galaan ni tasiisaa; raawwii isaas ni hordofa;

8) Gaaffii jijjiirraa gosa pirojektii investimentii irratti dhiyaatu ni simata; ni xiinxala; pilaaniifi seera jiru irratti hundaa'uun ni raawwata;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

9) Pirojektoota investimentii akkaataa waliigalteetiin hin misoomiin akkaataa seerota rogummaa qabaniitiin waliigaltee isaanii adda ni kuta; adeemsa seeraa hordofuun qabeenyi akka irraa ka'u ni taasisa; akkaataa pilaanii Magaalichaatiin akka misoomu ni taasisa;

10) Hojiiwwan sochii investimentii magaalichaa ilaallatan teknolojii ammayyaatiin akka qabamaniifi deeggaraman ni hojjeta;

11) Jajjabeessituuwwan investimentii seeraan murtaa'an hojiirra ni oolcha; gosoota pirojektii investimentii jajjabeessituu addaa barbaadan addaan baasee Koree Investimentii Magaalichaatiin murteessisuun hojiirra akka oolu ni taasisa;

12) Paarkiiwwanfi zooniiwwan industirii pilaanii magaalichaa bu'uura godhachuun eessatti hojjetamuu akka qaban qorannoon addaan baasuun hojiirra ni oolcha;

13) Paarkii industirii, zoonii industirii, kilaastara industiriifi sheediwwan industirii sadarkaa magaalichaatti namoota dhuunfaatiin yookiin waldaan yookiin dhaabbilee misooma mootummaatiin akka misooman ni taasisa, raawwii isaa ni hordofa;

14) Dhimmoota misooma industirii saffisiisuuf gargaaran qorachuun haalawwan mijaawaan akka uumamu ni taasisa.

7. **Wiirtuu Tajaajila Investimentii Iddoo Tokkoo**

1) Wiirtuu Tajaajila Investimentii Iddoo Tokkoo Waajjira Investimentiifi Industrii Magaalichaa keessatti gurmaa'ee tajaajila qinda'aa kan kennu ta'a.

2) Manneen Hojii Bulchiinsa Magaalichaa Wiirtuu Tajaajila Investimentii Iddoo Tokkoo keessatti gahee qaban kanneen armaan gadiiti:

(a) Waajjira Investimentiifi Industirii;

(b) Waajjira Lafaa;

(c) Waajjira Daldalaa;

(d) Waajjira Galiiwwanii;

(e) Waajjira Abbaa Alangaa;

(f) Waajjira Konistiraakshinii;

(g) Waajjira Eegumsa Naannoo;

(h) Waajjira Karooraafi Misoomaa;

(i) Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa;

(j) Baankiiwwan maamila ta'aniifi filataman;

(k) Manneen Hojii biroo barbaachisummaan isaanii itti amaname.

2) Waajjirri Investimentiifi Industirii Magaalichaa bu'uura Qajeelfamaa kanaatiin abbootii qabeenyaa magaalichaa keessatti hojii investimentii irratti bobba'aniif haala isaan tajaajila qinda'aa iddoo tokkoo itti argatan ni mijeessa; qaamolee dhimmi ilaallatu kan biroo ni qindeessa; hojii tajaajila iddoo tokkoo guyyaa guyyaan raawwatamu ni qindeessa; ni deeggara; ni hordofa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

3) Manneen hojii mootummaa magaalichaa haalota tajaajila iddoo tokkootiif barbaachisaa ta'an kamiyyuu mijeessuufi bu'uura tumaalee Qajeelfaama kanaafi seeroota rogummaa qabaniin guutuuf dirqama ni qabaatu;
4) Baajatni, meeshaaleefi haalotni hojii tajaajila iddoo tokkoof barbaachisan Bulchiinsa Magaalichaan kan guutamu ta'a.
5) Manni hojii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin tajaajila investimentii iddoo tokkoo kennuu keessatti gahee qabu kamiyyuu:
   (a) Ogeessoota naamusa, dandeettiifi gahuumsa ogummaa qaban ramaduun yookiin dhimmoota karaa Waajjira Investimentiifi Industrii Magaalicha hojii bakka bu'iinsaan hojjetamuu danda'u irratti aangoo isaa bakka bu'iinsaan kennuun hojichi akka hojjatamu taasisuu;
   (b) Miira gaafatamummaafi abbummaatiin karaa iftoominaafi ittigaafatamummaa qabuun tajaajila kennuu;
   (c) Tajaajilli kennamu guutuu akka ta'uuf odeeffannoowwan barbaachisan qindaa'anii haala salphaatti hubatamuu danda'uun hojiirra akka oolu haala mijeessuu;
   (d) Ulaagaaleefi istaandardiiwwan kenna tajaajilaa karaa deddeebiifi baasii tajaajilaa hambisuu danda'uun yeroo yeroon fooyyessuufi ammayyeessuu qabu.
6) Kenniinsi tajaajila investimentii iddoo tokkoo kan raawwatamu qaamaan giddugala tajaajila iddoo tokkootti argamuun ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti maamilaaf bakka jirutti teknolojii ammayyaatiin tajaajila kennuun ni danda'ama.

8. **Kenniinsa Lafa Pirojektii Investimentii**
1) Investerri lafa investimentii kan argatu dorgommiin ta'a.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, gaaffiiwwan lafa Pirojektiiwwan investimentii armaan gadii Biiroon dhiyaatanii Boordiin murta'an yookiin Waajjira Investimentiifi Industrii Magaalichaan dhiyaatanii Koree Investimentii Magaalichaatiin murta'an lafa mootummaan pirojektii investimentiif qopheesse irratti haala addaatiin ramaddiin kennuun ni danda'ama:
   (a) Pirojektii investimentii gurguddaa tajaajila ijaarsa hoteelaa, riizoortii, loojii, riil-isteetii yookiin moolii, dhaabbilee fayyaafi barnootaa, ispoortiifi kanneen biroo walfakkaatan irratti;
   (b) Pirojektii investimentii qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaan yookiin interpiraayizii ce'e yookiin waldaalee hojii gamtaan hojii investimentii gaggeessuuf dhiyeesse irratti;
   (c) Pirojektii investimentii biroo faayyadamummaa ummata Naannichaa kan mirkaneessuu danda'u ta'uun isaa itti amaname.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

3) Gaaffiin pirojektii invastimantii Magaalichatti nama dhuunfaa yookiin waldaalee daldalaatiin dhiyaatee simatamu kamiyyuu carraa hojii bal'aa kan uumu, teknolojii ammayyaa sadarkaa ol'aanaatti hojiirra kan oolchu, faayidaa diinagdeefi hawaasummaa ol'aanaa Naannichaafi biyyaaf kan qabu ta'uun isaa kan itti amaname qofa ta'uu qaba.

4) Seerota birootiin kan tumame jiraatus, dabarsa dhaalaan taasifamuun ala, lafti magaalichaa tajaajila investimentiif akkaataa keewwata kanaatiin kenname qaama sadaffaatti darbuu kan danda'u ijaarsi isaa akkaataa dizaayiniitiin %70 fi isaa ol yoo raawwatame qofa ta'a.

9. **Haala Qonnaan Bulaan Investimentii Keessaa Sheerii Itti Qabaatu**

1) Qonnaan bulaan lafti isaa hojii investimentiif barbaadame akkaataa seerota rogummaa qabaniin investimentii gaggeeffamu keessaa sheerii kan qabaatu ta'a.

2) Qotee bulaan investimentii gaggeeffamu keessaa sheerii qabaachuu kan danda'u beenyaafi kaffaltiiwwan biroo kaafamtoota misoomaaf jedhamee isaaf kaffalamuu maluun sheerii bitachuuf fedhii kan qabu yoo ta'edha.

3) Kaffaltiin qotee bulaan sheerii investimentii keessaa ittiin qabaachuu danda'u kan shallagamu kaffaltii beenyaa, kaffaltiiwwan biroo seeraan kaafamtoota misoomaaf hayyamamuufi gatii liizii lafichaaf abbaan qabeenyaa kaffaluun ta'a.

4) Hangi sheerii qonnaan bulaan investimentii keessaa qabaatu kaappitaala pirojektii investimentii gaggeeffamu irratti kan hundaa'u ta'ee, bu'uura seera rogummaa qabaniitiin kan murtaa'u ta'a.

5) Akkaataan investerriifi qonnaan bulaan waliin hojii investimentii hojjetan bu'uura seera daldalaatiin Waldaa Daldalaa hundeessuun ta'a.

6) Bulchiinsi magaalichaa tilmaama gatii lafaa qabiyyee qonnaan bulaa waayitawaa ta'e yeroo yeroon qorachuun adda ni baasa; bu'uura tilmaama gatii lafaa gaggeeffameen qonnaan bulaan hojiiwwan investimentii lafa qabiyyee isaa irratti gaggeeffamu keessaa sheerii tilmaama qabiyyee lafichaatiin walgitu akka qabaatu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; hojimaata barbaachisu ni diriirsa.

10. **Aangoofi Hojii Koree Investimentii Bulchiinsa Magaalichaa**

Seerota birootiin kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Koreen Investimentii Magaalichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoofi hojii Labsii Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannichaa Lakkoofsa 249/2015 fi seerota birootiin Boordii Investimentii Oromiyaatiif kenname Bulchiinsa Magaalichaa keessatti bakka bu'uun hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni deeggara; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

2) Karoora waggaa qophii lafa investimentii Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalichaatiin qophaa'ee dhiyaatu xiinxalee mirkaneessuun hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

3) Lafa investimentii bulchiinsa magaalichaa qoratee yookiin qaama dhimmi ilaaluun qorachiisee ni dhiyeessa; raawwii isaa ni hordofa;
4) Gaaffii pirojektii investimentii Magaalichatti simatamee dhiyaatuuf kamiyyuu qorachuun murtii ni kenna;
5) Gaaffii lafa investimentiin walqabatee magaalicha keessatti dhiyaatu kamiyyuu ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; ni deeggara;
6) Waliigaltee investimentii sadarkaa magaalichaatti raawwatame ilaalchisee investerri akkaataa waliigalteetiin kan hin hojjanne yoo ta'e tarkaanfiin sirreeffamaa ni fudhata; raawwii isaa ni hordofa;
7) Rakkoolee sadarkaa magaalichaatti investera qunnaman xiinxalee furmaata ni kenna; kan humna isaatii ol ta'e Biiroof ni erga;
8) Fooramii investerootaafi mootummaa gidduutti magaalicha keessatti gaggeeffamu ni qindeessa;
9) Aangoofi hojii bakka bu'iinsaan Qaamolee Bulchiinsa Investimentii biroo irraa kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata; akkaataa hojimaata jiruun yeroo yeroon Boordiifi Biiroof gabaasa ni dhiyeessa.

## 11. Hordoffiifi Deeggarsa Pirojektota Investimentii

Qaamoleen bulchiinsa investimentii magaalichaa pirojektoota investimentii irratti haala armaan gadiitiin hordoffiifi deeggarsa kan gaggeessan ta'a:

1) Hordoffiifi deeggarsi pirojektoota investimentii magaalichaa seeraafi hojimaata diriire bu'uura godhachuun karaa pirojektoota investimentii bu'a qabeessa taasisuu danda'uun gaggeeffamuu qaba;
2) Pirojektiin investimentii kamiyyuu hordofamuu kan qabu gareen ta'ee ogeessota ogummaa qabaniin ta'uu qaba;
3) Koreen Investimentii Magaalichaa koree odiitii raawwiifi bu'a qabeessummaa pirojektoota investimentii magaalicha keessatti argaman odiitii taasisuun dhiyeessuuf manneen hojii dhimmichi ilaallatu irraa ni hundeessa; argannoo dhiyaatu irratti hundaa'ee ni deeggara; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akkaataa barbaachisummaa isaatti Biiroo yookiin Boordiif ni dhiyeessa;
4) Pirojektiin investimentii kamiyyuu yemmuu hordofamu unka hordoffii pirojektii investimentii qophaa'een kan hojjetamu ta'ee bu'aan hordoffii pirojeektichaa unka irratti guutamee hoogganaa dhiyoo isaatiin mirkanaa'ee faayila investerichaa waliin walqabatee taa'uu qaba;
5) Hordoffii pirojektoota gaggeeffamuun investera meeshaalee ashuuraan alaa seeraan hayyamameef fudhatan hojii investimentiitiif qofa oolchuu isaa adda baasuun bakka hanqinni jirutti qaamni aangoo qabu tarkaanfii akka fudhatu ni taasisa;
6) Pirojektoonni investimentii magaalicha keessatti argaman mala teeknooloojii ammayyaatti fayyadamuun kan hordofaman ta'u;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

7) Industiriiwwan xixiqqaa yookiin godoo magaalicha keessatti argaman akkaataa itti ce'uu danda'an irratti hordoffiifi deeggarsi kan taasifamu ta'a;

8) Carraa hojii pirojektoota investimentiin uumamu keessatti hawaasni naannaawaa pirojektii magaalichaa dursa argachuu isaanii ni hordofa; ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

9) Investeroonni hayyama investimentii argatan bu'uura waliigaltee magaalicha waliin seenaniin yeroo daangeffame keessatti akkaataa hayyama kennameefiin hojjachuu isaanii ni hordofa; ni deeggara; akkaataa waliigalteetiin kan hin hojjanne irratti qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

10) Waliigaltee investimentii sadarkaa Biirootti kanaan dura raawwatame akkaataa waliigalteetiin kan hin hojjenne yoo ta'e, hordofuun of eeggannoo seera investimentiin tumame kennuun kan hin sirroofne irratti yaada murtee Biiroof dhiyeessuun yoo murtaa'e hojiirra ni oolcha;

11) Pirojektoonni investimentii magaalicha keessatti hojjachaa jiran dirqama hawaasummaa qaban akka bahatan ni hordofa; ni kakaasa; ni deeggara; dirqama akka bahatan ni taasisa;

12) Pirojektoonni investimentii magaalicha keessatti hojjachaa jiran ulaagaalee seerota eegumsa naannootiin tumaman akka guuttatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata; faalama naannoo industiriiwwaniin dhaqqabu hir'isuuf naannawa zoonii industirii magariisaan akka uwwifamu ni hojjata; ni hordofa; ni to'ata;

13) Muuxannowwan gaggaarii industiri irratti jiran qo'annoon adda baasuun qindeessuudhaan akka babal'atan ni taasisa; kanneen walfakkaatan waliin walitti hidhamiinsi akka jiraatu ni hojjata;

14) Piropoozaala pirojektii manufakcharingi industirii qophaa'aanii dhiyaataniif deeggarsa ogummaa ni kenna;

15) Gahumsaafi oomishtummaa misooma industirii manufakcharingii cimsuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata; humna namaa leenjii akka argataniif haala ni mijeessa.

16) Industriiwwan oomisha ala-ergii irratti bobba'aniif xiyyeeffannoo addaa ni kenna; ni deeggara; Biiroo walin ta'uun oomisha isaanii biyya alaaf akka dhiyeessan ni deeggara.

17) Abbootii qabeenyaa hojii qonnaa, daldala, tajaajilaafi konistiraakshinii irratti hojjatan gara hojii industirii manufakcharingiitti akka bobba'an ni jajjabeessa; deeggarsa barbaachisu ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;

18) Sirna komiifi waldidaa dhimma investimentiin walqabatu akkaataa seeraa rogummaa qabuun ilaalamee murtii argatee akka hojiiirra ooluu ni taasisa; raawwii isaani hordofaa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

19) Pirojektoota investimentii waliigalteen adda cite sirni komiifi waldidaa qaama aangoo qabuun ilaalamee waligaltichi akka adda citu mirkanaa'ee tilmaama qabeenyaa laficha irratti argamu akkaataa seeraatiin tilmaama gaggeessuun bu'aa tilmamaa mirkaneesisee hojiiirra kan olchu ta'a;

20) Waajjirri investimentiifi industirii magaalichaa hojii bakka bu'ummaan kennameef irratti gabaasa raawwii akkaataa hojimaataatiin yeroo yeroon Biiroof ni dhiyeessa;

21) Biiroon Investimentiifi Industirii Oromiyaa dhimma invastmantiin walqabatee hojiilee magaalicha keessatti raawwataman hunda ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti qorachuun tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa.

**12. Gurmaa'insa Pirojektii Investimentii Magaalichaa**

1) Gurmaa'insi projektoota investimentii Magaalichaa akkaataa seerota investimentii Naannichaa rogummaa qabuun ta'a.

2) Magaalichi pilaanii magaalichaa irratti hundaa'uun facaatii pirojektoota investimentii kutaalee magaalaa akkaataa amalaafi gosa pirojektii waliin deemaniin baasuun hojiirra kan oolchu ta'a.

**13. Projektoota Investimentii Hundeeffama Magaalichaatiin Dura Simatamanii Lafa Hin Argatiin Adeemsa Irra Jiran**

1) Projektoonni investimentii hundeeffama magaalichaatiin dura simatamanii lafti akka kennamuuf murtaa'ee lafa osoo hin argatiin jiran walta'iinsa Waajjira Lafaafi Waajjira Investimentiifi Industrii Magaalichaatiin qulqullaa'ee Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiif dhiyaatee murtii kan argatu ta'a.

2) Projektoonni investimentii hundeeffama magaalichaatiin dura simatamanii murtii hin argatiin Waajjira Investimentiifi Industrii Magaalichaatiin qulqullaa'ee Koree Investimentii Magaalichaaf dhiyaatee akkaataa seerota rogummaa qabaniin murtii kan argatu ta'a.

**14. Aangoofi Hojii Boordii Investimentii**

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Boordiin Investimentii Naannichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoofi hojiin dhimmoota investimentii ilaalchisee Magaalichaaf kenname karaa guutuufi bu'a qabeessa ta'een hojiirra ooluu isaa yeroo yeroon ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

2) Hojiiwwan investimentii qaamoleen bulchiinsa investimentii magaalichaa bakka bu'ummaan hojjetan irratti gabaasa raawwii hojii ni simata; ni gamaaggama; ni deeggara; kallattii ni kaa'a; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

3) Raawwii pirojektoota investimentii magaalicha karaa Koree Odiitii dhimma Investimentii Naannichaatiin sakatta'amee bu'aan isaa akka dhiyaatuuf ni taasisa; ni xiinxala; kallattii ni kaa'a.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

## Kutaa Sadii

## Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Magaalichaa

### 15. Aangoofi Hojii Bulchiinsi Magaalichaa Lafa Irratti Qabu

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, Bulchiinsi Magaalichaa bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ragaawwan daangaa Magaalichaa, Kutaa Magaalotaafi Aanaalee qaama aangoo qabuun adda bahe ni qabata; sirreeffamni akka taasifamu yemmuu barbaadamu qaama ilaallatu waliin ni sirreessa; qaamolee bulchiinsaa hundaaf lafa daangaa bulchiinsaa mirkanaa'e ni beeksisa; qaama gaafateef yemmuu hayyamamu odeeffannoo daangaa ni kenna; wal harkaa fuudhinsa daangaa qaama ilaallatu waliin ni taasisa;
2) Hojiin qiyyaasaafi qophii kaartaa lafaa istandaardii walfakkaatuufi waldubbisuu danda'u, akkasumas odeeffannoo guutuu (mirga, dirqamaafi ittigaafatamummaa laficha irratti qabu) walitti hidhu ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; ni deeggara; ni hordofa; qaama istandaardii taa'een ala hojjete irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
3) Lafa tajaajila investimentiif ooluu danda'u dursee adda ni baasa; ni qopheessa; yemmuu murtaa'u akkaataa seeraatiin ni dabarsa;
4) Lafti Magaalichaa akkaataa pilaaniifi karoora itti fayyadama lafaatiin misoomaa jiraachuu isaa ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
5) Tokkoon tokkoon qabiyyee lafa magaalicha keessa jiru, eessa akka jiru, eenyuun akka qabamee jiru, tajaajila maaliirra oolaa akka jiruufi bal'inni lafichaa hagam akka ta'e lakkaa'uun ni qabata; qaama ilaallatuuf ni dabarsa; murteessee hojiirra ni oolcha;
6) Lafa faayidaa uummataa addaa addaatiif oolu qorachuun adeemsa seeraa eeggatee, kaffaltii beenyaa madaalawaafi lafa bakka bu'insaa kennuun, odeeffannoo lafichaafi ragaawwan kaffaltii beenyaafi lafa bakka bu'insaa kenname waliin gurmeessuun mormii kamirraayyuu bilisa taasisuun ni qopheessa;
7) Lafti mormii kamirraayyuu bilisa ta'ee qophaa'ee baankii lafaa keessa jiru bu'uuraaleen misoomaa akka guutamu ni taasisa; qaama ilaallatu ni beeksisa; deeggarsa ni taasisa;
8) Lafa mormii kamirraayyuu bilisa ta'ee qophaa'e, lafa waliigalteen isaa addaan cite, lafa barri waliigaltee xumuramee, lafa ijaarsi seeraan alaa irratti gaggeeffameefi kan mootummaa kan ta'e argama iddoo yookiin X, Y koordineetiifi odeeffannoo guutuu lafichaa waliin baankii lafaatti ni kuusa. Qaama aangoo qabuun yoo heyyamame malee, sochiin kamiyyuu akka irratti hin gaggeeffamne ni hordofa; ni eega; ni to'ata;
9) Lafa baankii lafaatti galee jiru, lafa irratti gosa tajaajila isaaniitiin halluu addaatiin dalleessuun, qaamni lafa misoomsu tajaajila lafichi ooluuf dursee beekee miira dorgommii lafa misoomsuu irratti ni uuma; qaamni lafa dabarsu tajaajila karoorfameef malee tajaajila biraatiif akka hin dabarsine ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

10) Lafa tajaajila hawaasummaafi bu'uuraalee misoomaatiif oolu baankii lafaa keessa jiru qaama misoomsuuf ragaa (kaartaa) lafichaa dursee qopheessuun ni kenna; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni taasisa;

11) Qaamolee magaalichaa keessatti lafa mirgi itti fayyadamaa uumameef irraa hambaaleen seenaafi bu'uuraaleen misoomaa yoo jiraataniifi ka'uu kan hin dandeenye yoo ta'e, hambaalee seenaafi bu'uuraalee misoomaa laficharra jiru eeguuf dirqama akka qabu waliigalteefi ragaa (kaartaa) qaama mirgi uumameef kenname irratti ni caqasa; eegamaafi kunuunfamaa jiraachuu isaa ni hordofa; akka hordofamu ni taasisa;

12) Qabiyyee duriifi ijaarsa seeraan alaa Dambii Lakkoofsa 155/2005 hojiirra ooluun duraa ture pilaanii magaalichaatiin kan walsimu sakkatta'uun kanneen ulaagaa seeraa guutaniif waraqaa ragaa (kaartaa) kennuun akka misoomsan ni taasisa; yeroo gabaabaa keessatti qulqulleessee ni xumura;

13) Qaama aangoo qabuun misoomsuuf lafti yemmuu murtaa'u lafa qophaa'ee baankii lafaa keessa galee jiru keessaa gosa misoomichaafi pilaanii magaalichaan walsimuu isaa adda baasuun istaandaardii bal'ina lafaafi gurmaa'insaa bu'uureffachuun qaama murtaa'eef ni dabarsa; waraqaa ragaas ni kenna;

14) Lafa daangaa magaalichaa keessa jiru, sababa mirgi irratti hin uumamneef hojii kaadastaraa irratti danqaa ta'an hunda adda baasuun qabiyyee dhuunfaa, qabiyyee waliiniifi qabiyyee mootummaatiif waraqaa ragaa ni kenna; kan mirgi irratti uumamuu hin qabne irraa akka fuudhamu taasisuun galmeessee hojii kaadastaraatiif haala ni mijeessa;

15) Qamoleen mootummaa adda addaa hojiiwwan misoomaa magaalicha keessaatti gaggeessuu yoo barbaadan, pilaanii magaalichaafi gurmaa'insa gosa tajaajilichaatiin wal-simuun isaa erga mirkanaa'ee booda qaama aangoo qabuun yoo murtaa'e lafa liiziin kennameefii akka misoomsu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; barri waliigaltee liizii yemmuu xumurame laficha baankii lafaatti deebisa;

16) Bu'aa qabeessummaa lafaa guddisuuf, miidhagina magaalaa dabaluufi jiruufi jireenya uummataa fooyyessuuf iddoowwan dulloomaniifi manneen pilaaniin ala ijaaraman qorannaan adda baasuun akka misoomaniif qaama dhimmi ilaalu waliin haala ni mijeessa; raawwii isaa ni hordofa; ni deeggara;

17) Qonnaan bultoota Magaalichaa waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa bulchiinsa lafa baadiyyaatiin kennameefii ture galmeessuun sirrummaa isaa ni mirkaneeffata; kanneen karaa seera qabeessa ta'een mirga ittifayyadama lafaa qaban adda baasuun ragaa abbaa qabiyyummaa ni kenna; qabiyyee lafa isaa irratti akkaataa pilaaniifi istaandaardii magaalichaatiin dhuunfaadhaan yookiin walta'iinsa qonnaan bulaafi abbaa qabeenyaa yookiin qonnaan bulaafi magaalichaan yookiin qonnaan bulaa, magaalichaafi abbaa qabeenyaa waliin misoomsuu yoo barbaade akka madda qabeenyaatti akka itti



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

fayyadamu haala ni mijeessa; ijaarsi seeraan alaa akka irratti hin gaggeeffamne ni hordofa; ni to'ata;

18) Qonnaan bulaan magaalicha keessaa lafa qabuufi waraqaa abbaa qabiyyee argatee sirrumaan isaa mirkanaa'e akkaataa seeraatiin qabiyyee isaa yookiin qabeenya qabiyyee isaa irra jiru qabsiisee dhaabbilee faayinaansii garaa garaa irraa maallaqa liqeeffatee qonna isaa akka ammayyeeffatu, oomishaafi oomishtummaa fooyyeffachuun jiruufi jireenya isaa akka fooyyeffatu ni taasisa; akkasumas qabiyyee isaa akkaataa seera rogummaa qabuutiin dhaalchisuun yookiin kennaan dabarsuu yoo barbaade yookiin qabeenya qabiyyee isaarra jiru dhaalchisuu, kennuu yookiin gurguruu yoo barbaade beekamtii bulchiinsa magaalichaatiin qofa akka ta'u ni taasisa; hojimaata ni diriirsa; haala ni mijeessa;

19) Lafa faayidaa caalmaatiif, tajaajila hawwaasummaatiif yookiin investimentii akka biyyaatti faayidaa olaanaa qabaniifi qaamni olaanaan magaalichaa itti amaneef dabarsee hanga misoomsutti qonnaan bulaan qabiyyee lafa isaanii akkaataa tajaajila duraan qabataniin akka misoomsan ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;

20) Kaffaltii liiziifi kan biroo yeroo isaanii eeguun bifa ammayyaa'aa ta'een akka kaffalamu ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara; qaama ilaallatu ni hubachiisa;

21) Kaafamtoota sababa misoomaatiif qabiyyee lafaafi qabeenya isaanii gadi lakkisaniif lafa bakka bu'insaafi beenyaa akka kennamuuf ni taasisa; mana lafa mana jireenyaa abbaa qabiyyeefi maatii kaafamtoota misoomaatiif akkaataa seera jiruutiin akka kennmuuf ni hojjeta; misooma laficha irratti gaggeeffamu kamirraayyuu adda durummaan akka fayyadamu ni taasisa; seerota jiran irratti hundaa'uun dhaabbilee laficha misoomsan waliin sheerii akka galan ni deeggara; qaama ilaallatu waliin hojii deebisanii dhaabuu hunda ni hojjeta;

22) Qaama lafa akka misoomsuuf hayyamameef waliin waliigaltee ni malletteessa; kaffaltiin barbaachisoo ta'an hundi akka kaffalamu ni taasisa; waraqaa ragaa yookiin kaartaa qabiyyee odeeffannoo guutuu qabu ni kenna; daangaa lafaa adda baasuun qaama misoomsuuf lafa harkaan ni gaha yookiin ni dabarsa;

23) Lafti akka misoomuuf darbe akkaataa waliigalteetiin yeroo isaa eegee ijaarsi eegalamuu, ijaarsi xumuramuu, tajaajila yookiin oomisha eegaluu, lafichi kunuunfamaa jiraachuu, kaayyoo lafa fudhateef irra oolchaa jiraachuu, faayidaa hawaas-diinagdee kennaa jiraachuu, kaffaltii barbaachisoo kaffalaa jiraachuufi kanneen kana fakkaatan raawwachaa jiraachuu isaa to'annoofi hordoffii ni taasisa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

24) Bal'ina lafa mirgi irratti uumameefi qaamni misoomsu qabatee jiru kan wal-simu ta'uu isaa odiitii qophiifi dabarsa lafaa ni taasisa; akkasumas akkaataa seeraatiin dirqama waliigaltee kennaafi fudhataa irraa eegamu bahachaa jiraachuu isaanii odiitii ni taasisa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

25) Komii qaamni lafa misoomsu dhiyeeffatu simachuun qoratee murtii ni kenna; murtii kenname qaama ilaallatu ni beeksisa;

26) Tajaajila bulchiinsa qabiyyee lafaa kanneen akka jijjiirraa maqaa dhorka baankii yookiin mana murtii galmeessuufi haquu, waraabbii ragaa fudhachuu, waraqaa qulqullinaa kennuu, qabiyyee walitti makuu, qooduufi kanneen kana fakkaatan simachuun faayila mana galmee jiru erga qoratee booda kaffaltii tajaajilaa seeraan tumame kaffalchiisuun ni kenna;

27) Sirna qabiinsa ragaa lafaa teknolojiidhaan deeggaruun qabiinsa, kuusaafi daddabarsa ragaa lafaa ammayyaa'aafi amansiisaa ta'e ni uuma; madda ragaa lafa magaalichaa ta'ee ni tajaajila; mana galmee lafaa ulaagaa hunda guuttatee, eegumsa qabu, gocha seeraan alaatiif hin saaxilamne, dijiitaalawaa ta'e ni hundeessa; akka hundeeffamu ni taasisa;

28) Sirna bulchiinsa lafaa, ammayyaa'aafi teknooloojiin deeggarame taasisuuf siistema (moosaajii) sekteroota lafa waliin hojjetan hunda walitti hidhu, tajaajila si'ataafi qaqqabamaa taasisu ni kalaqa, akka kalaqamu ni taasisa, wayita kalaqamu hojiirra ni oolcha, nageenya moosaajichaa qaama aangeffameen akka bulu ni taasisa;

29) Gatii liiziifi istaandaardii lafa magaalichaa tajaajila adda addaatiif oolu bal'ina lafaatiin yeroo yeroon qoratee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif dhiyeessuun yoo mirkanaa'e hojiirra ni oolcha;

30) Qabannaa, qubannaafi ijaarsa seeraan alaa magaalicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu qaama ilaallatu waliin ni ittisa; hubannoo ni uuma; tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; tekinooloojii dhimma kana ittisuufi to'achuu dandeessisu akka kalaqamu yookiin misoomu ni taasisa; hojiirra ni oolcha; nageenyummaan moosaajichaa qaama aangeffameen akka bulu ni taasisa;

31) Waldiddaafi walitti bu'insa daangaafi walfalmii abbummaa qabiyyee lafaa irratti uumamu, seeraafi ragaa qabatamaa ta'e irratti hundaa'uun simatee akka furmaata argatu ni taasisa;

32) Seerota liiziifi seerota rogummaa qaban biroo hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni deeggara; ni to'ata;

33) Ragaa lafaafi qabeenya qabiyyee lafaa walitti ni qaba; dijitaalaafi waraqaadhaan ni galmeessa; sirna kaadastaraatiin akka qabamu ni taasisa; ni bulcha; ni misoomsa; wiirtuu odeeffannoo ragaa qabiyyee lafa magaalichaa ta'ee ni tajaajila; ni qaaccessa; qaama dhimmi ilaallatuuf ni kenna;

34) Ragaa sirna odeeffannoo kaadaastara magaalichaa ni qindeessa; nageenyummaa isaa ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; kaartaa kaadaastaraa ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; ni bulcha; ni haaromsa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

35) Sirna teknolojii kaadaastara seeraafi bu'uura misooma neetworkii ni misoomsa; akka misoomu ni taasisa; wayitaawwaa ni taasisaa; ni bulcha; ragaalee kaadaastara seeraa akkaataa seerri hayyamuun ummataaf banaa akka ta'u ni taasisa;

36) Sarveeyingii qabiyyee lafaa istaandaardii irratti hundaa'uudhaan daangaa lafaa fudhatamummaa qabu irratti ni murteessa; qophii kaartaa iskeeliifi tajaajila adda addaatiif oolu ni raawwata; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa.

### 16. Aangoo Lafti Akka Kennamu Murteessuu

Magaalicha keessatti lafti tajaajila kamiifuu oolu kennamuu kan danda'u sadarkaa Bulchiinsa Magaalichaatti yoo murtaa'e qofa ta'a.

## Kutaa Afur

## Dimmoota Misooma, Bulchiinsaafi Dabarsa Manneeniitiin Walqabatan

### Kutaa Xiqqaa Tokko

### Waliigala

### 17. Aangoofi Hojii Magaalichaa Dhimmoota Misooma, Bulchiinsaafi Dabarsa Manneenii Ilaallatan

1) Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Magaalichi misooma manneenii ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

   (a) Dhimmoota waldaa ijaarsa mana jireenyaa ilaallatan bu'uura seerota rogummaa qabaniin ni raawwata; jiraattonniifi hojjettoonni mootummaa waldaan gurmaa'uun lafa argatanii waloon manneen jireenyaa akka ijaarratan lafa ni qopheessa; ni hordofa; ni deeggara;

   (b) Namoonni waldaan gurma'aniifi sagantaa misooma manaa mootummaan gaggeeffamu keessatti fayyadamtoota ta'uuf ulaagaa seeraan taa'e guutan maallaqa misooma manaatiif barbaachisu akka qusatan ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;

   (c) Namoota waldaan gurmaa'aniif akkaataa pilaanii magaalichaatiin facaatii bu'uuraalee misoomaafi qubsumma uummataa tilmaama keessa galchuun Kutaalee Magaalaa misoomni manaa waldaan akka keessatti gaggeeffamuuf qophaa'u irratti lafti akka kennamu ni taasisa;

   (d) Namoota waldaan gurmaa'uuf ulaagaa guutan ashaaraa qubaa ni fudhata; ni galmeessa; ni gurmeessa; akkaataa irra deebiin gurmaa'uu hindandeenyeen ragaa qindeessee ni qabata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

   (e) Waldaaleen lafa mana jireenyaa fudhatanii turtii ji'a 6 keessatti ijaarsa akka eegalan ni hordofa; ni deeggara; kallattii ni kaa'a; dhaabbilee faayinaansii waliin walitti hidhamuun madda faayinaansii argatanii mana ijaarrachuu akka danda'an haala ni mijeessa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(f) Waldaalee hundeeffama Magaalichaatiin dura akkaataa Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 181/2008 fi Qajeelfama Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 15/2008 haqameen lafa fudhatee misoomsuu hin eegaliin yeroo ji'a 6 keessatti ijaarsa akka eegalu ni hordofa; rakkoolee isaan qunname adda baasuun ni deeggara; Dhaabbilee Faayinaansii waliin walitti hidhuun madda faayinaansii argatanii mana akka ijaarratan haala ni mijeessa; kanneen misoomsu hin dandeenye xalayyaa of eeggannoo kennuun turtii waggaa tokkoo booda tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun laficha gara Baankii lafaatti ni deebisa; akka deebi'u ni taasisa;

(g) Miseensa waldaa Labsii Lakkoofsa 231/2013) dura akkaataa Dambii Lakkoofsa 181/2015 fi Qajeelfama Lakkoofsa 15/2008 haqameen gurma'anii lafa mana jireenyaa tokkoon ol fudhatan yookiin abbaa manaafi hadha manaan fudhatan ragaa jiru qulqulleessuun lafa fudhatame qaama dhimmi ilaalu waajjin ta'uun baankii lafaatti akka deebi'u ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; tarkaanfiin seeraa akka fudhatamu ni taasisa;

(h) Magaalicha keessatti seerota misooma, bulchiinsaafi dabarsa manneenii ilaallatan karaa guutuu ta'een hojiirra ni oolcha;

(i) Sagantaan misooma mannneenii magaalicha keessatti gaggeeffamu lafaafi baasii kan qusatu, hanqina mana jireenyaa jiru furuu kan danda'u, qajeeltoo misooma olii kan hordofu, qulqullina giddugaleessa kan godhateefi itti fufiinsa kan qabu ta'uu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara;

(j) Ijaarsi sagantaalee misooma manneenii yeroo gaggeeffamu kan ummata qe'ee isaa irraa buqqisu osoo hin taane, karaa aadaa, eenyummaa, duudhaafi safuu ummatichaa kabajeefi ummanni irraa fayyadamuu danda'uun akka gaggeeffamu ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara;

(k) Sirna babal'ina sagantaalee misooma manneenii qindaa'aa ta'ee ni diriirsa; ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara;

(l) Ijaarsa manneenii haala istaandardiifi pilaanii magaalichaa eegeen gaggeeffamu isaa ni hordofa; ni deeggara; kallattii sirreeffamaa ni fudhata;

(m) Sagantaaleefi tooftaalee dhiyeessiin mana jireenyaa magaalicha keessatti itti dabaluu danda'u ni qorata; adda ni baasa; hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;

(n) Dhaabbata misoomaa mootummaa hojiiwwan misooma manneenii irratti bobba'u hundeessuun misoomni manaa ittifufiinsaan akka hojjetamu ni taasisa; walta'iinsa yokiin sharikummaan nama yookiin dhaabbata dhuunfaa waliin akkaataa seerota rogummaa qabaniitiin ni hojjeta;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(o) Naannoo misoomni mana jireenyaa itti gaggeeffamutti bu'uraaleen misoomaa karaa abbootii qabeenyaa yookiin walta'iinsa mootummaafi dhuunfaan akka guutamu ni hojjeta; bu'uraalee misoomaa guutuu keessatti hirmaannaan hawaasaa akka dabalu ni jajjabeessa; ni deeggara; ni hordofa.

2) Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Magaalichi bulchiinsa manneenii ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

(a) Ragaa manneen mootummaa ni qindeessa; ni qabata; qaama dhimmi isaa ilaallatuuf yeroo gaafatamutti ni dabarsa; ni kenna;

(b) Waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaafi manneen wabiin qabaman sadarkaa bulchiinsa magaalichatti ni raawwata; ni to'ata;

(c) Hojimaata manneen mootummaa magaalicha keessatti argamaniifi manneen waliinii ittiin dabarfamanii ittiin bulan hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

(d) Iyyannoo kiraa manaa akkaataa dura duubaa isaatiin galmeessee ni qabata;

(e) Nama kiraan manaa calalamee tartiibaan waliigaltee kiraa manaa ni guuchisa; ni raawwata; ni hordofa;

(f) Kiraan manaa yeroo isaa eeggatee akka kaffalamu hordoffii ni taasisa; yoo kireeffataan kaffaluu dide bu'uura waliigaltee isaaniitiin akka kaffalamu ni taasisa; tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

(g) Waliigalteen kiraa manaa bara baajataatti seera rogummaa qabuun haaromfamuu isaa ni hordofa; akka haaromfamu ni taasia;

(h) Mooraa mana mootummaa keessatti ijaarsi seeraan alaa akka hin raawwatamne ni hordofa; raawwatamee yoo argame tarkaanfii sirreessaa ni fudhataa yookiin akka fudhatamu ni taasisa; manneen mootummaa sababa misoomaatiin kaafaman bakka buufamuu isaanii ni mirkaneeffata; ni to'ata;

(i) Ragaalee manneen mootummaa magaalichaa bifa walfakkaatuun haala ammayyaa'aa ta'een haardi kooppiifi soofti kooppiin giddugala tokkotti qindeessee ni qabata; raawwii isaas ni hordofa;

(j) Manneen mootummaa magaalicha keessatti argaman bu'uura seeraatiin ni bulcha; kaartaa akka argatan ni taasisa; inventerii manneenii ni gaggeessa; ragaa ammayyeessuun qindeessee ni qabata;

(k) Mana Gandaa seeraan ala kaartaan itti kenname adda ni baasa; ni galmeessa; qaama waliin hojjetu duukaa ta'uun tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

(l) Kiraa mana mootummaa ni qorata; akka qoratamu ni taasia; kiraan manaa akka siiratu nii taasisa;

(m) Manneen kiraa nama dhuunfaa adda ni baasa; ni galmeessa, ulaagaa kiraa ni baasa; kallattii sirreeffamaa ni fudhata;



MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(n) Waliigaltee bittaa, gurgurtaa, kiraadhaan bulan akkasumas manneen seeraan dhaalaman jiran ni galmeessa, raaa ni qabata; ni sirreessa;

(o) Manneen mootummaa dullomanii suphaa barbaadan addaan baasee akka suphamaniif qamolee barbaachisan waliin ta'uun haala ni mijeessa; ni hordofa; iddoo hanqinni mul'atetti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

(p) Ragaa manneen suphamanii ni sassaaba; sadarkaa suphaa adda ni baasa; tilmaama suphaa ni gaggeessa; manni akka suphamu ni taasisa;

(q) Mana akka magaalichaatti jiraniifi kan mootummaa akaakuufi gosa tajaajila isaaniitiin adda baasee ni qabata;

(r) Manneen seeraan ala qabaman seeraan gadi ni lakkisiisa; mana gadi lakkifame hatattamaan akka darbu ni taasiisa;

(s) sababa daangaa bulchiinsaatiin iddoowwan magaalaa Finfinnee jala turanii gara magaalaa Shaggaritti daangeffaman keessatti manneen mootummaa argaman addaan ni baasa; ni galmeessa; ragaa isaa qindeessee ni qabata; ni bulcha; ni hordofa.

3) Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, Magaalichi dabarsa manneenii ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

(a) Fedhii jiraattota mana kiraa barbaadanii adda baasuun ni galmeessaa; dhugummaa isa ani mirkaneessa; tartiiba ni qabsiisa;

(b) Manneen misoomee ijaarsi isaa xumurame sadarkaa isaa ni mirkaneessa; adda ni baasa; namoota calalamanii galmaa'anii mana eeggachaa jiran akkaataa tartiiba isaaniitiin carraa ni baasa; waliigaltee kiraa yookiin bittaa raawwachuun dabarsee ni kenna; adeemsa isaas ni hordofa;

(c) Fedhii namoota harka qaleeyyii ta'anii manni mootumaa kennamuufii qabu tartiibaan addaan baasee galmeessuun akkaataa ulaagaa seeraan tumameen ragaa ni qabata; namoota manneen daldalaa gamoo waliin ijaaraman kireeffachuuf ulaagaa guutan ni galmeessa; caalbaasiin ni dorgomsiisa; ni dabarsa; ragaa ni qabata;

(d) Ragaa manneen ijaarsi isaa xumuramee yookiin gadi lakkifamee harkaan ni gahata; qaama mana barbaade ni galmeessa; akkaataa ulaagaa seeraan tumameen carraan yookiin murtii Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin akka darbu ni taasisa;

(e) Seerota Naannichaa bu'ureeffachuun akkaataa ergama magaalichaa milkeessuu danda'uun adeemsaafi istaandarii dabarsa mana ni qopheessa; ni mirkaneessa; hojiirra ni oolcha.

Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

Kutaa Xiqqaa Lama

Sagantaalee Misooma Manneenii Magaalichatti Gaggeeffamu

18. Qaamolee Misooma Manneenii Gaggeessan

Magaalicha keessatti misoomni manneenii qaamolee armaan gadiitiin gaggeeffamuu ni danda'a:

1) Mootummaan;
2) Shariikumma yookiin walta'iinsa Mootummaafi dhuunfaan;
3) Waldaa misooma manaa gaggeessuuf gurmaa'een;
4) Qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaan;
5) Nama yookiin dhaabbilee dhuunfaan;
6) Dhaabbilee miti Mootummaa yookiin dhaabbilee tola ooltotaan;
7) Diyaaspooraan; yookiin
8) Hirmaannaa hawaasaan.

19. Gosa Misooma Manneenii Bulchiinsa Magaalichaan Gaggeeffamu

1) Magaalichi lafaa akkaataa pilaanii magaalichaatiin qophaa'ee dhiyaate irratti faayinaansii dhiyeessuudhaan sagantaalee misooma manneenii armaan gadii irratti kan hirmaatu ta'a:
   (a) Mana Qusannoo;
   (b) Manneen Gamoo Waliinii Sagantaalee 10/90, 20/80 fi 40/60;
   (c) Mana jireenyaa ammayyaa (riil isteetii) karaa dhaabbilee misooma mootummaatiin gaggeeffamu;
   (d) Apaartaamaa;
   (e) Manneen Dhaabbilee Mootummaan Hojjettootaa isaaniitiif ijaaraman;
   (f) Sagantaalee misooma manaa kan biroo magaalichaan fulduratti qoratamanii adda bahanii murta'an.
2) Magaalichi hanqina mana jireenyaa akka magaalichaatti jiru qorannoon adda baasuun sagantaalee misooma manneenii magaalicha keessatti gaggeeffamuu qabu adda ni baasa; Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin mirkaneessuun hojiirra akka oolu ni taasisa;
3) Akkaataa mootummaan dhiyeessii faayinansii mataa isaatiin misooma manaa irratti hirmaatu, bulchuufi dabarsu bu'uura seerota naannichaa rogummaa qabaniin kan raawwatamu ta'a.

20. Misooma Manaa Magaalicha keessatti Shariikummaa yookiin Walta'iinsa Mootummaafi Dhuunfaatiin Gaggeeffamu

1) Misoomni manaa shariikummaa yookiin walta'iinsa mootummaafi abbootii qabeenyaa dhuunfaa biyya keessaa yookiin biyya alaatiin gaggeeffamuu ni danda'a.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

2) Shariikummaan misooma manaa mootummaafi nama yookiin dhaabbilee dhuunfaa biyya keessaas ta'e biyya alaa gidduutti gaggeeffamu seera rogummaa qabu irratti kan hundaa'u ta'a.
3) Seerota birootiin kan tumame akkuma jirutti ta'ee, misooma manaa shariikummaa mootummaafi nama yookiin dhaabbilee dhunfaatiin gaggeeffamu keessatti Bulchiinsi magaalichaa:
   (a) Lafa mormii irraa bilisa ta'eefi misoome ni dhiyeessa;
   (b) Namoota sababa misooma shariikummaatiin lafa isaanii gadi dhiisaaniif karaa ittiin sharikummaa keessaatti hirmaatan haala ni mijeessa;
   (c) Bu'uuraalee misoomaa mana jireenyaaf barbaachisan ni guuta;
   (d) Nama yookiin Dhaabbilee shariikummaa keesatti dorgommiif hirmaatan ni murteessa;
   (e) Namni yookiin dhaabbileen dhuunfaa waliigaltee shaariikummaa seenan meeshaalee ijaarsaa biyya keessatti oomishaman gatii murtaa'een kallattiin akka argataniifi meeshaalee ijaarsaa qaraxa irraa bilisaan akka galfatan akkasumas dhaabbilee faayinaansii irraa liqaa akka argatan haala ni mijeessa;
   (f) Ijaarsi Manaa yommuu xummuramu akkaataa waliigalteen fayyadamtoota adda baasuun ni dabarsa yookiin ni bulcha;
   (g) Manneen misooman qaama barbaadame bira gahuu hordofuun tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.
4) Seerota birootiin kan tumame akkuma jirutti ta'ee, misooma manaa shariikummaan gaggeeffamu keessatti namni yookiin dhaabbatni dhuunfaa hirmaatu:
   (a) Karoora pirojektii ijaarsi manaa ittiin gaggeeffamuufi misooma manaa irratti muuxannoo gahaa qabaachuu isaa ragaa argisiisu ni dhiyeessa;
   (b) Madda faayinaansii ijaarsa manaa ni dhiyeessa;
   (c) Teknolojii ijarsaa lafa, yeroofi baasii qusatu haala qabatamaa magaalichaa giddu galeessa godhate dhiyeessuun hojiirra ni oolcha;
   (d) Akkaataa waliigalteetiin dizaayinii maneen misoomanii qophessuun ni dhiyeessa;
   (e) Manneen shariikummaan misooman keessaa %10 namoota galii gadi aanaa qabaniif, %30 namoota galii giddu galeessa qabaniif, akkasumas %60 namoota galii olaanaa qabaniif ijaaruun ni dhiyeessa;
   (f) Manneen ijaarsi isaanii xumurame bu'uura waliigalteen mootummaaf yookiin fayyadamtootaaf ni dabarsa.
5) Misoomni manaa shariikummaa mootummaafi nama yookiin dhaabbilee dhuunfaa waliin gaggeeffamu Appaartaamaa yookiin gamoo G+7 fi isaa ol kan qabaatu ta'a.
6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti kan tumame jiraatus, bulchiinsi magaalichaa bu'a qabeessummaafi pilaanii magaalichaa irratti hundaa'uun haala addaatiin gosa mana misoomuufi ol dheerina gamoo murteessuu ni danda'a.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልል መንግሥት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional ... Office of the President

7) Kaappitaalli ka'umsa pirojeektii ijaarsaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4(a)tiin dhiyaatu yoo xiqqaate qarshii miliyoona dhibba shan (500,000,000.00) ta'ee, ragaan sochii maallaqa baankii yoo xiqqaate kan ji'a jahaa kanuma agarsisuu qaba.

8) Qoodni yookiin sheeriin mootummaan misooma manaa shaarikummaan gaggeeffamu keessaa qabaatu qajeeltoowwan shaarikummaa mootummaafi dhuunfaa giddugaleessa taasisuun karaa faayidaa ummataafi mootummaa mirkaneessaa danda'uun waliigaltee taasifamuun kan murtaa'u ta'a.

9) Misoomni manaa shariikummaa mootummaafi nama yookiin dhaabbilee dhuunfaa waliin gaggeeffamu kan hoogganamu akkataa seera rogummaa qabuutiin ta'a.

**21. Misooma Mana Jireenyaa Waldaan Hojjettoota Mootummaatiin Gaggeeffamu**

1) Hojjettoonni Mootummaafi dhaabbilee misooma mootummaa sadarka Naannoofi Bulchiinsa Magaalichaa akkaataa fedhiifi dandeettii kaffaltii isaaniitiin beekumsaafi qabeenya isaanii walitti fiduun waldaan gurma'anii magaalicha keessatti mana jireenyaa gamoo waliinii (appaartaamaa) ijaarachuu yookiin pilaanii itti fayyadama lafaa magaalichaa irratti hundaa'ee lafa mana jireenyaa argachuu ni danda'u.

2) Hojjettoonni Mootummaafi dhaabbilee misooma mootummaa sadarkaa Naannoofi Bulchiinsa Magaalichaa waldaa misooma mana jireenyaa hojjettoota mootummatiif galmaa'uuf ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

   (a) Hojjetaa Mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa ta'ee dhaabbiidhaan hojjetaa jiraachuu isaa mana hojii isaa irraa ragaa dhiyeessuu kan danda'u;

   (b) Bulchiinsa Magaalichaa keessaa maqaa ofiitiin yookiin waahila gaa'elaa isaatiin mana jireenyaa yookiin lafa mana jireenyaa kan hinqabne, yookiin mana jireenyaa yookiin lafa qabaatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine;

   (c) Kanaan dura Bulchiinsa magaalichaa keessatti waldaan gurmaa'ee lafa mana jireenyaa kan hin fudhanne yookiin waldaan gurmaa'ee fudhatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine;

   (d) Bulchiinsa Magaalaa irraa fageenya kiiloo meetira 100 keessatti lafa mana jireenyaa yookiin mana jireenyaa maqaa isaatiin yookiin waahila gaa'elaa isaatiin kan hin qabne yookiin qabaatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine yookiin waldaan kan hin gurmoofne;

   (e) Kanaan dura fayyadamaa sagantaalee misooma manneenii mootummaa Naannichaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin gaggeeffame kan hin taane yookiin sagantaalee kanneen irratti galmaa'ee kan hin jirre yookiin kan galmaa'e yoo ta'es dhiisuu isaa ragaa ibsu kan dhiyeessu;

   (f) Lafa Bulchiinsi magaalichaa ka'umsa gatii liiziitiin dhiyeessu irratti baasii mataa isaatiin waldaadhaan gurmaa'ee mana ijaarrachuuf fedhii kan qabu;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(g) Kaffaltii duraa gatii ijaarsa waliigalaa manichaa keessaa %30 herreega cufaa maqaa waldichaatiin Baankii Siinqeetti banamu irratti kan galchuufi gatii ijaarsaa hafu immoo waliigaltee liqii Baankicha waliin taasifamu kaffaluuf waliigaltee seenuuf fedhii kan qabu;

(h) Miseensa waldaa ta'ee gurmaa'uuf manni misoomu gamoo waliinii (appaartaamaa) yoo ta'e, akkaataa baay'ina kutaa ciisichaatiin abbaa ciisicha sadii, abbaa ciisicha lamaafi abbaa ciisicha tokkoo kanneen jedhaman keessaa filatee gurmaa'uuf akkasumas lafa mana jireenyaa waldaaf kennamu irratti gosa mana jireenyaa waldichaaf hayyamamu ijaaruuf fedhii kan qabu;

(i) Manni erga ijaaramee xumurameen booda carraa karaa Bulchiinsa Magaalichaa bahuun kan qoodamu ta'uu isaa kan waliigalu ta'uu;

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(e) jalatti kan tumame jiraatus, hojjetaa mootummaa kanaan dura carraa mana jireenya waliinii istudiyoo argatee ture waldaan gurmaa'uun fayyadamaa misooma waliinii ta'uu ni danda'a.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hojjetaan mootummaa haaraa qacarame yookiin sababa hojiitiin gara manneen hojii mootummaa sadarkaa Naannoo yookiin Bulchiinsa Magaalichaattii jijjiramee dhufe waldaan gurmaa'ee mana jireenyaa ijaarrachuu kan danda'u erga qacaramee yookiin jijjiirraan dhufee yoo xiqqaate wagga tokko yoo ture qofa ta'a.

**22. Misooma Manaa Jiraattonni Magaalaa Waldaan Gurmaa'uun Gaggeessan**

1) Jiraataan Magaalichaa waldaan gurmaa'uun magaalicha keessatti mana jireenyaa gamoo waliinii (appaartaamaa) ijaarrachuu yookiin pilaanii itti fayyadama lafaa magaalichaa irratti hundaa'ee lafa mana jireenyaa argachuu ni danda'a.

2) Jiraataan magaalichaa waldaa keessatti gurmaa'uuf ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

(a) Umuriin isaa waggaa kudha saddeetii (18) fi isaa ol kan ta'eefi seeraan kan hin dhorkamiin;

(b) Waldaadhaan gurmaa'ee baasii ofiitiin gamoo waliinii (appaartaamaa) yookiin mana jireenyaa ijaarrachuuf fedhiifi madda galii kan qabu;

(c) Magaalicha keessa waggaa lamaafi isaa ol kan jiraate;

(d) Waraqaa eenyummaa magaalichaa kan haaromfameefi jiraataa ta'uu isaa agarsiisu kan qabu;

(e) Iddoon jireenya isaa dhaabbataan magaalicha keessa ta'ee, waggaa walitti aanan lamaaf Magaalicha keessa yoo jiraachuu baate, ragaa gahaa dhiyeeffachuu kan danda'uu;

(f) Maqaa ofiitiinis ta'ee maqaa waahila gaa'elaatiin magaalota Naannichaa keessaa mana yookiin lafa mana jireenyaa kan hin qabne yookiin waldaan kan hin gurmoofne yookiin fudhatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine ta'uu.



MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional

(g) Kanaan dura fayyadamaa sagantaalee misooma manneenii mootummaa Naannichaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin gaggeeffame kan hin taane yookiin sagantaalee kanneen irratti galmaa'ee kan hin jirre yookiin kan galmaa'e yoo ta'es dhiisuu isaa ragaa ibsu kan dhiyeessu;

(h) Kaffaltii duraa gatii ijaarsa waliigalaa manichaa keessaa %50 herreega cufaa maqaa waldichaatiin Baankii Siinqeetti banamu irratti kan galchuufi gatii ijaarsaa hafu immoo waliigaltee liqii Baankicha waliin taasifamu kaffaluuf waliigaltee seenuuf fedhii kan qabu;

(i) Miseensa waldaa ta'ee gurmaa'uuf manni misoomu gamoo waliinii yookiin appaartaamaa yoo ta'e, akkaataa baay'ina kutaa ciisichaatiin abbaa ciisicha sadii, abbaa ciisicha lamaafi abbaa ciisicha tokkoo kanneen jedhaman keessaa filatee gurmaa'uuf akkasumas lafa mana jireenyaa waldaaf kennamu irratti gosa mana jireenyaa waldichaaf hayyamamu ijaaruuf fedhii kan qabu;

(j) Manni erga ijaaramee xumurameen booda carraa karaa Bulchiinsa Magaalichaa bahuun kan qoodamu ta'uu isaa kan waliigalu ta'uu.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (h) jalatti kan tumame jiraatus, jiraataan magaalichaa qonnaan bulaa ta'e, kaffaltii duraa gatii ijaarsa waliigalaa manichaa keessaa %20 herreega cufaa maqaa waldichaatiin Baankii Siinqeetti banamu irratti kan galchuufi gatii ijaarsaa hafu immoo waliigaltee liqii Baankicha waliin taasifamu kaffaluuf waliigaltee seenuuf fedhii kan qabu ta'uu qaba.

4) Keewwata kana keewwatta xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa dantaa waloo ummata naannichaa magaalicha keessatti mirkaneessuuf jiraattonni Naannichaa magaalichaan ala jiran waldaan gurma'anii lafa argachuun mana jireenyaa akka ijaarratan haala addaatiin murteessuu ni danda'a.

5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4tiin jiraattonni Naannichaa waldaan yemmuu gurmaa'an maallaqa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (h) jalatti ibsame Baankii Siinqeetti qusachuu qabu.

**23. Haala Misooma Manaa Hojjettoota Mootummaafi Jiraattota Magaalichaa**

1) Bulchiinsi magaalichaa lafa waldaadhaan manni jireenyaa irratti ijaaramu akkaataa pilaanii magaalichaatiin adda baasuun ka'umsa gatii liiziitiin kan dhiyeessu ta'a.

2) Manni jireenyaa waldaan misoomu mana jireenyaa gamoo waliinii yookiin appaartaamaa yoo ta'e, gamoo abbaa darbii afurii (G+4) fi isaa ol yookiin Appaartaamaa ta'a.

3) Akkaataa pilaanii Magaalichaatiif lafti ijaarsa mana jireenyaatiif waldaaf kennamu, ijaarsa Viillaa yookiin G+1 yookiin G+2 yoo ta'e, bal'inni lafaa miseensa waldaa tokkoof kennamu murtii Bulchiinsa Magaalichaatiin fooyya'uu kan danda'u ta'ee, haala kamiiniyyuu kaare-meetra 105 caaluu hin danda'u.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Office of the President

4) Bal'inni mana akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin ijaaramuu gidugaleessaan abbaan ciisicha tokkoo karee meetira 60, abbaan ciisicha lamaa karee meetira 75 fi abbaan ciisicha sadii karee meetira 105 ta'a.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akka ka'umsaatti kan tajaajilu ta'ee, Bulchiinsi Magaalichaa bal'ina manneenii bu'ura pilaanii yookiin dizaayiniitiin sirreessuu ni danda'a.

6) Gatiin ijaarsa manneenii bu'uura dizaayinii bulchiinsi Magaalichaa dhiyeessuun gatii gabaa waayitawaa tilmaama keessa galchuun fooyya'uu kan danda'u ta'ee, akkaataa gabatee armaan gadiitiin tilmaamamee dhiyaateera:

| Lakk | Gosa Gamoo | Bal'ina Manaa | | Gatii karee tokkoo | Gatii waliigalaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | G+4 | 60 | Abbaa ciisicha tokkoo | 7,998 | 479,880 |
| | | 75 | Abbaa ciisicha lamaa | | 599,850 |
| | | 105 | Abbaa ciisicha sadii | | 839,790 |
| 2 | G+7 | 60 | Abbaa ciisicha tokkoo | 9000 | 540,000 |
| | | 75 | Abbaa ciisicha lamaa | | 675,000 |
| | | 105 | Abbaa ciisicha sadii | | 945,000 |
| 3 | G+9 | 60 | Abbaa ciisicha tokkoo | 12,000 | 720,000 |
| | | 75 | Abbaa ciisicha lamaa | | 900,000 |
| | | 105 | Abbaa ciisicha sadii | | 1,260,000 |
| 4 | G+12 | 60 | Abbaa ciisicha tokkoo | 12,000 | 720,000 |
| | | 75 | Abbaa ciisicha lamaa | | 900,000 |
| | | 105 | Abbaa ciisicha sadii | | 1,260,000 |
| 5 | G+15 | 60 | Abbaa ciisicha tokkoo | 15,000 | 900,000 |
| | | 75 | Abbaa ciisicha lamaa | | 1,125,000 |
| | | 105 | Abbaa ciisicha sadii | | 1,575,000 |

7) Waldaan mana jireenya gurmaa'e tokko akkaataa baay'ina miseensa waldichaatiin mana jireenyaa gamoo waliinii tokko qofa kan ijaaru ta'a.

8) Baay'inni miseensota waldichaa dheerinaafi gosa gamootiin kan murtaa'u ta'ee, akaakuun gosa manneen gamoo waliinii tokko irratti ijaaramu dizaayinii gamootiin kan murtaa'u ta'ee, baay'inni miseensaa inni xiqqaan gamoo tokko irratti jiraachuu danda'u akkaataa armaan gadiitiin ta'a:

(a) G+4: Miseensa 40;

(b) G+5: Miseensa 70;

(c) G+7: Miseensa 75;

(d) G+9: Miseensa 90;

Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(e) G+12: Miseensa 110;

(f) G+15: Miseensaa 140.

9) Ijaarsi manneenii waldaa hojjettoota mootummaa yookiin jiraattota magaalichaa kan raawwatamu dhaabbata ijaarsaafi gorsaa waldaaleen filataniin ta'a.

10) Keewwata kana keewwata xiqqaa 9 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, fedhii waldaaleetiin Bulchiinsi Magaalichaa dhaabbata ijaarsaa, gorsaafi waldaalee misooma manaa irratti muuxannoo gahaa qaban akka mana misoomsaniif dhiyeessuuf ni danda'a.

11) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-10tti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, dhimmoota galmee miseensotaa, calallii, qaama seerummaa argachuu, qusannaa, kaffaltii ijaarsa manaafi kanneen biroo misooma manaa waldaan gaggeeffamuun walqabatan irratti seeronni rogummaa qaban raawwatiinsa ni qabaatu.

## 24. Misooma Manaa Diyaaspooraan Waldaan Gurmaa'uun Gaggeessan

1) Diyaaspooraan waldaadhaan gurmaa'ee mana jireenyaa magaalicha keessaatti ijaarrachuu ni danda'a.

2) Magaalichi lafa waldaan diyaaspooraa mana irratti ijaarratu ka'umsa gatii liiziitiin kan dhiyeessuuf ta'a.

3) Diyaaspooraan waldaan gurmaa'ee mana jireenyaa argachuuf ragaalee armaan gadii dhiyeessuu qaba:

   (a) Lammii Itoophiyaa ta'uufi dhalataa Naannoo Oromiyaa ta'ee gara biyya alaa deemuun jiraachaa kan jiru ta'uu ragaa agarsiisu;

   (b) Paaspoortii haaromfame waraabbii duuba isaa irratti orijinaala waliin ilaalamuu isaa ibsu qaama ilaallatuun kan mallattoofi chaappaan irratti taasifame;

   (c) Xalayaa deeggarsaa imbaasii biyya jiraatu irraa Ministeera Dhimma Alaa Itiyoophiyaatiif barreeffame;

   (d) Ministeera Dhimma Alaa irraa xalayaa deeggarsaa Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif barreeffame;

   (e) Xalayaa deeggarsaa Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa irraa Bulchiinsa Magaalichaaf barreeffame;

   (f) Bulchiinsa Magaalichaa keessaa maqaa ofiitiin yookiin waahila gaa'elaa isaatiin mana jireenyaa yookiin lafa mana jireenyaa kan hinqabne, yookiin mana jireenyaa yookiin lafa qabaatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine.

4) Diyaaspooraan waldaan gurmaa'ee waldichi qaama seerummaa yemmuu argatu tilmaama gatii ijaarsaa keessaa %70 fi yeroo lafti ijaarsaaf ta'u waldichaaf kennamuuf %30 Doolaaraan, Paawondiin yookiin Yuuroodhaan Baankii Siinqeetti herrega cufaa maqaa waldichaan banamutti galchuu qaba.

5) Gosti manaa diyaaspooraan waldaan gurmaa'ee ijaarratuu bu'uura pilaanii magaalichaatiin Bulchiinsa magaalichaatiin kan murtaa'u ta'a.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional ... Office of the P...

6) Tilmaamni gatii ijaarsaa gatii gabaa waayitawaa irratti hundaa'ee Bulchiinsa Magaalichaatiin qoratamee kan murtaa'u ta'a.

7) Misoomni manaa waldaalee diyaaspooraa dhaabbata ijaarsaafi gorsaa waldaaleen filataniin kan gaggeeffamudha.

25. Misooma Manaa Qonnaan Bulaan Gaggeeffamu

1) Qonaan bulaan magaalichaa lafa qabiyyee isaa daangaa magaalichaa keessaatti argamu irratti gosoota misooma manaa akkaataa pilaanii magaalichaatiin hayyamamu misoomsuun gurguruu, kireessuu yookiin bulchuu ni danda'a.

2) Bulchiinsi Magaalichaa akkaataa qonnaan bulaan dhaabbilee faayinaansii yookiin abbootii qabeenyaa waliin walitti hidhamuun maallaqa argatee qabiyyee lafa isaa irratti misooma manaa gaggeessuu danda'u haala kan mijeessu ta'a.

3) Qonnaan bulaan misooma mana keessatti akka hirmaatuuf bulchiinsi magaalichaa deeggarsa armaan gadii kan taasisuuf ta'a:

(a) Dhaabbata faayinaansii adda addaa irraa lafa isaanii qabsiisanii liqii akka argatu haala mijeessuu;

(b) Abbootii qabeenyaa waliin walitti hidhamuun misooma manaa lafa qabiyyee isaa irratti gaggeeffamu keessaa sheerii akka qabaatu taasisuu;

(c) Meeshaalee ijaarsaa biyya keessatti oomishaman gatii murtaa'een kallattiin akka argatu haala mijeessuu;

(d) Meeshaalee ijaarsa manaa qaraxa irraa bilisaan akka galfatan haala mijeessuu;

(e) Lafa misoomni manaa irratti gaggeeffamu dursee bu'uuraleen misoomaa akka guutamuuf taasisuu;

(f) Deeggarsa ogummaafi teeknikaa akka argatu taasisuu.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, murtii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin qonnaan bulaa yookiin horsiise bulaa yookiin gamiisa horsiisee bulaa Naannichaa adda duree ta'uun kaappitaala barbaachisu horataniifi misooma manaa gaggeessuuf fedhii qaban, magaalicha keessatti misooma manaa irratti akka hirmaatan taasisuun ni danda'ama.

5) Raawwiin keewwata kanaa hojimaata bulchiinsi magaalichaa diriirsuun kan hooggganamu ta'a.

26. Manneen Qusannoo Bulchiinsa Magaalichaan Dhiyaatu

1) Manneen qusannoo Bulchiinsa Magaalichaan dhiyaatu kanneen armaan gadii ta'u:

(a) Mana jireenyaa bulchiinsi magaalaa baajata ofiitiin ijaaru;

(b) Mana qaamolee tola-ooltummaatiin yookiin miti mootummaatiin ijaaramuun bulchiinsa magaalaatiif darbu;

(c) Manneen jireenyaa qindeessummaa mootummaatiin hirmaannaa hawaasaatiin ijaaramu;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(d) Manneen akkaataa barbaachisummaa isaatti qaamni biraa ijaaruun bulchiinsa magaalaatiif dabarsu.

2) Bulchiinsi Magaalichaa ijaarsa manneen qusannootiif baajata barbaachisu ramaduun yookiin mijeessuun misooma manaa ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; raawwii isaa hordofa.

3) Manneen qusannoo bulchiinsa magaalichaa keessatti gaggeeffamu akkaataa pilaanii magaalichaatti iddoowwan armaan gadii irratti kan misooman ta'a:

(a) Iddoowwan manneen mootummaa dulloomanii suphamuu hin dandeenye irraa diigaman;

(b) Iddoowwaan mana qusannoo irratti ijaaruudhaaf pilaanii magaalaatiin adda bahan;

(c) Lafa duwwaa mana mootummaan dhaalamee waliin jiru kan bal'inni isaa istaandaardii kenniinsa lafa magaalichaa guutu irratti.

4) Bulchiinsi magaalichaa dhaabbilee miti-mootuumaa yookiin qaamolee tola-ooltummaa yookiin qaamolee biroo misooma manneen qusannoo irratti hirmaachuun manneen misooman bulchiinsa magaalichaaf dabarsuu barbaadaniif deeggarsa armaan gadii taasisuu ni danda'a:

(a) Ka'umsa gatii liiziitiin yookiin ramaddiidhaan lafa dhiyeessuu;

(b) Meeshaalee ijaarsaa biyya keessatti oomishaman gatii murtaa'een kallattiin akka argatan haala mijeessuu;

(c) Meeshaalee ijaarsa manaa qaraxa irraa bilisaan akka galfatan haala mijeessuu;

(d) Lafa misoomni manaa irratti gaggeeffamu dursee bu'uuraleen misoomaa akka guutamuuf taasisuu;

(e) Deeggarsa ogummaafi teeknikaa akka argatan taasisuu.

5) Dhaabbileen miti-mootuumaa yookiin qaamoleen tola-ooltummaa misooma manaa irratti hirmaatan dirqama armaan gadii ni qabaatu:

(a) Bu'uura waliigalteetiin misooma manneenii gaggeessuu;

(b) Teeknoolojii ijarsaa yeroo, baasiifi haala qabatamaa qilleensa nannoo giddu galeessa godhate akkaataa pilaanii magaalichaafi dizaayinii waliigalameen dhiyeessuu;

(c) Manneen ijaarsi isaanii xumurame bu'uura waliigalteen bulchiinsa magaalichaatti dabarsuu;

6) Magaalichi aadaafi duudhaa walgargaarsa ummataa giddugaleessa taasisuudhaan hawaasni oogummaan, beekumsaafi qabeenya maallaqaafi akaakuun hirmaannaa taasisuun misooma mana jireenyaa qusannoo irratti akka hirmaatu haala ni mijeessa; ni qindeessa.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

7) Fayyadamtoonni manneen qusannoo misoomanii jiraattota harka qalleeyyiifi galii gadaanaa qabaniifi akkaataa barbaachisummaa isaatti namoota galii giddugaleessa qaban ta'ee, ulaagaan mana qusannoo calalamee itti kireeffamu bu'uura Labsii Misooma, Bulchiinsaafi Dabarsa Manneenii Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 231/2013 tiin ta'a.

27. Waldaalee Mana Jireenyaa Hundeeffama Magaalichaa Dura Gurma'anii Lafa Hin Argatiin

1) Waldaalee ijaarsa mana jireenyaa hundeeffama magaalichaan dura lafti akkaataa seeraan kennameefiin ala, namni kamiyyuu waldaan gurmaa'ee mana ijaarrachuu kan danda'u akkaataa tumaalee qajeelfama kanaatiin qofa ta'a.
2) Waldaalee mana jireenyaa hundeeffama magaalichaa dura gurma'anii lafa hin argatiin lafa mana jireenyaa argachuu kan danda'an seera qabeessummaafi ulaagaa seeraan taa'e guutuun isaanii irra deebiin erga qulqullaa'ee booda qofa ta'a.
3) Waajjiri Misooma, Bulchiinsaafi Dabarsa Manneenii Magaalichaa waldaalee mana jireenyaa hundeeffama magaalichaa dura gurma'anii lafa hin argatiin kanneen seera qabeessaafi ulaagaa seeraan tumame guutan calaluun Mana Maree Bulchiinsa Magaalichaaf dhiyeessee mirkaneessisuun Waajjira Lafaa Magaalichaaf kan dabarsu ta'a.
4) Waajjirri Lafaa Magaalichaa ragaa waldaalee lafa mana jireenyaa akka argatan mirknaa'ee dhiyaateef akkaataa pilaanii Magaalichaatiin lafa tajaajila mana jireenyaaf qophaa'e istaandardii magaalicha keessatti hayyamamuun lafa kan kennuuf ta'a.

28. Daballii Gatii Kiraa Mana Dhuunfaa Yeroof Daangessuu

Xiinxala Waajjiri Misooma, Bulchiinsaafi Dabarsa Manneenii Magaalichaa dhiyeessu bu'ureeffachuun Manni Maree Bulchiinsaa Magaalichaa yeroo murtaa'eef Mana jireenyaa dhuunfaa Magaalicha keessatti argamu kamiyyuu irratti gatiin kiraa akka hin dabalamneefi kireeffataa baasuu akka hindandeenye dhorkuu ni danda'a.

Kutaa Shan

Qophii, Mirkaneessaafi Hojiirra Oolmaa Pilaanii

29. Aangoofi Pilaanii Magaalaa Qopheessuufi Raawwachiisuu

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Bulchiinsi Magaalichaa pilaanii ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qophii pilaanii magaalichaatiif yaada ni burqisiisa; pilaanii Magaalichaa ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; pilaaniin qophaa'u sadarkaa isaa kan eeggate ta'uu ni hordofa; yemmuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; sirnaan hojiirra ooluu isaa ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
2) Kaartaa bu'uuraa qophii pilaanii misooma ispaashaalaa, pilaanii ulaa misoomaa, pilaanii caasawaa, pilaanii misooma qe'ee, dizaayinii magaalaa, dizaayinii teessuma lafa magaalaa, dizaayinii bilookii, pilaanii bu'uuraalee misoomaa qindaa'aa, qoqqoodinsa lafa magaalaa (parcilation plan) ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

3) Madda ragaa qophii kaartaa magaalichaatiif suura xiyyaaraa (orthophoto), fakkii yookiin calaqqee satalayiitii (satellite image) yookiin tuqaalee ol kaa'insa lafa sirrii galaana irraa (Digital terrain model) argaman wantootaa xixiqqoo lafa irra jiran akkaataa itti agarsiisuu danda'uun ni sassaaba; akka sassaabamu ni taasisa;

4) Misoomni magaalicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu pilaanii Magaalichaa karaa eegeen qajeeltoowwan magaalaa ammayyaafi miidhagduu giddugaleessa taasisuun raawwatamaa jiraachuu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

5) Qophii pilaanii ilaalchisee qo'annoo pilaanii misooma ispaashaalaa, fiisikaalaa yookiin ispaashalaafi hawas-diinagdee ni gaggeessa; pilaanii caasawaa, pilaanii misooma qe'ee, dizaayinii magaalaa, dizaayinii teessuma lafa magaalaa, dizzayinii bilookii, qoqqoodinsa lafa magaalaa (parcilation plan) ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa;

6) Pilaanii bu'uuraalee misoomaa qindaawaa (integrated infrastructure development plan) ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; ni mirkaneessa; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;

7) Pilaanii misooma ispaashaalaafi pilaanii caasawaa Magaalichaa qopheessuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif dhiyeessee mirkaneessisuun hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

8) Haala itti fayyadamni lafa magaalichaa %70 (parsantaan torbaatamni) iddoo hojii amala qonnaa, magarisummaa, bashananaafi bakka banaa ta'uu danda'uun pilaanii misooma ispaashaalaa ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

9) Pilaanii misooma ispaashaalaatiin ala gosoota pilaanii jiran hunda irratti itti fayyadamni lafaa akkaataa qajeeltoo %30 magariisummaaf, %30 daandiifi bu'uuraalee misoomaaf akkasumas %40 ijaarsaa adda addaatiif itti ooluu danda'uun pilaanii ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

10) Dhimmoota pilaaniin walqabatan irratti qaamolee adda addaatiif deeggarsa ogummaafi teeknikaa ni kenna; gaaffii kutaa magaalaarraa dhiyaatu irratti hundaa'uun gosti itti fayyadama lafaa pilaaniin taa'e faayidaa ummataaf akka jijjiiramu yoo gaafatame qoratamee qaama aangoo qabuun mirkanaa'uun hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; ni deeggara;

11) Hojiin misoomaa magaalicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu bu'uura pilaanii magaalichaatiin raawwatamuu isaa ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

12) Sirnaafi haala jiraattoonni magaalichaa qophii, fooyya'iinsaafi raawwii pilaanii Magaalichaa irratti gahumsaan itti hirmaataniifi yaada isaanii kennuu itti danda'an ni diriirsa;

13) Gaaffii tajaajilli itti fayyadama lafaa akka sirratu yookiin fooyya'uu dhiyaatu barbaachisummaan isaa yoo itti amanameefi pilaaniin kan walsimu ta'uun isaa Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin yoo mirkanaa'e ni sirreessa yookiin ni fooyyessa; hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;

14) Pilaanii magaalaa keessaatti iddoowwan magariisummaa, hambaa seenaa, arkiyooloojii, bosonaa, paarkiifi iddoowwan tuttuqaa irraa bilisa akka ta'an daangeffaman haala kamiinuu akka hin jijjiiramne ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin seeraa akka fudhatamu ni taasisa;

15) Ragaalee qophiifi raawwii pilaanii magaalaaf gargaaru ni sassaaba; ni qindeessa; ni kuusa; ni tamsaasa; giddugaleessa odeeffannoo pilaanii magalaafi ragaalee bu'uuraa dhimma pilaanii magaalaan walqabatan ta'uudhaan ni tajaajila;

16) Hojii qo'annootiif haala gargaaruun kutaalee magaalaa waliin ta'uudhaan qophiifi raawwii pilaanii magaalichaa irratti hordoffiifi to'annoo ni gaggeessa; deeggarsa teknikaa ni kenna;

17) Qo'annoofi qorannoo qophiifi raawwii pilaanii magaalichaa ni gaggeessa; hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

18) Sub-qunnamtii odeeffannoo garaa garaatti fayyadamuun pilaanii mirkanaa'e uummataaf ni beeksisa;

19) Hojii irra oolmaa pilaaniif karoora raawwii pilaanii, baajata, humna namaafi meeshaalee barbaachisaa ta'an ni guuta;

20) Pilaanii qophaa'e yookiin haaroomsame akkaataa qajeelfama kanaatiin qaama ilaalutti dhiyeessee mirkaneessisuun hojii irra ni oolcha; akka hojii irra oolu ni taasisa; ragaawwaan qophii yookiin haaromsa pilaanii waliin walqabatan hunda seeraan kuusee ni qabata;

21) Lafti magaalaa pilaanii magaalaa eegee qusannoon faayidaa ol'aanaaf akka oolu ni hojjata; ni hordofa; ni to'ata; hojiirra oolmaa pilaanii magaalaa ilaalchisee raawwii seeraan alaa taasifame irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamus ni taasisa;

22) Hojii misoomaa faallaa pilaanii mirkanaa'een raawwatamu ni dhaabsisa; qaama misoomni pilaanii mirkanaa'eetiin ala akka gaggeefamu ragaa kenne yookiin akka kennamu taasise seeratti dhiyaatee akka itti gaafatamu ni taasisa;

23) Gaaffiin misoomaa dhiyaatu gosa itti fayyadama lafaa pilaanii mirkanaa'e waliin kan wal hinsimne yoo ta'e yookiin misoomni gaafatame jiraattota magaalaafi naannoo irratti dhiibbaa kan geessisu yoo ta'e gaaffii dhiyaate kufaa ni taasisa;



Waajjira Pireezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

24) Sadarkaalee hayyama pilaaniifi dizaaayinii akkasumas hayyama ijaarsaa irratti waliigaltee raawwii pilaanii ni keenna;

30. **Pilaanii Misooma Ispaashaalaafi Pilaanii Caasawaa Magaalichaa Mirkaneessuu, Fooyyessuufi Jijjiiruu**

1) Pilaanii misooma ispaashaalaafi pilaanii caasawaa Magaalichaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin kan mirkanaa'u ta'a.

2) Pilaaniin misooma ispaashaalaafi pilaaniin caasawaa Magaalichaa jijjiiramuu yookiin fooyya'uu kan danda'u Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin yoo mirkanaa'e qofa ta'a.

## Kutaa Jaha

## Dhimmoota Biroo Aangoo Bulchiinsa Magaalichaa Ta'an

31. **Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalichaa**

1) Dhaabbileen Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa Dambii Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa Naannoo Oromiyaa Lakk.222/2013 keewwata 5 jalatti hundaa'anii Bulchiinsa Magaalichaa jalatti hammatamanii jiran qaama seerummaa isaanii qabatanii kan itti fufan ta'a.

2) Bulchiinsi Magaalichaa Kutaalee Magaalichaa Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa hin qabne keessatti Biiroo Bishaaniifi Inerjii Oromiyaa bakka bu'uudhaan bu'uura Dambii Lakk. 222/2013 keewwata 6 fi 8 tiin Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa haaraa hundeessuu ni danda'a.

3) Dhaabbileen Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti caqasaman, itti waamamni isaanii Waajjira Bishaan, Albuudaafi Inarjii Bulchiinsa Magaalichaatiif ta'a.

4) Bulchiinsi magaalichaa Biiroo Bishaaniifi Inerjii Oromiyaa bakka bu'uun Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalichaa qorannoo irratti hundaa'ee walitti makuun Dhaabbata tokko qofa ta'ee Kutaalee Magaalichaa keessatti damee akka qabaatu taasisuu ni danda'a.

5) Dhaabbileen Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalichaa Boordii Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa sadarkaa Bulchiinsa Magaalichaatti hundeeffamu kan qabaatan ta'a. Ittiwaamamni Boordichaa Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiif ta'a.

6) Waajjirri Bishaan, Albuudaafi Inarjii Magaalichaa Biiroo Bishaaniifi Inerjii Oromiyaa bakka bu'uudhaan hojii Boordichaa ni qindeessa; ni deeggara.

7) Boordiin Dhaabbilee Tajaajila Bishaan dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalichaa Biiroo Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa bakka bu'uudhaan hojiiwwan qacarrii, ramaddii yookiin jijjiirraa Hojii Gaggeessaa Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa kutaalee magaalichaa ni gaggeessa;



Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

8) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-6 jalatti haala addaatiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, seeronni Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa Naannichaa ilaalchisee hojiirra jiran Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa Magaalichaa irratti raawwatiinsa kan qabaatan ta'u.

**32. Boordii Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalichaa**

1) Dambii Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa Naannoo Oromiyaa Lakk. 222/2013 Keewwata 14(1) jalatti kan tumame jiraatus, miseensonni Boordii Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa Magaalichaa kanneen armaan gadii ta'a:
   (a) Kantiibaa Bulchiinsa Magaalichaa ------------------------------- Walitti Qabaa;
   (b) Itti-aanaa Kantiibaa Kilaastara Qonnaafi Misoomaa --- Itti-aanaa Walitti-qabaa;
   (c) Waajjira Bishaan, Inarjiifi Albuudaa Magaalichaa ------Miseensaafi Barreessaa;
   (d) Ittigaafatamaa Mana Qopheessaa Magaalichaa ---------------------- Miseensa;
   (e) Waajjira Lafaa Magaalichaa ---------------------------------------- Miseensa;
   (f) Waajjira Karooraafi Misoomaa Magaalichaa ---------------------- Miseensa;
   (g) Waajjira Fayyaa Magaalichaa----------------------------------------Miseensa;
   (h) Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Magaalichaa --------- Miseensa;
   (i) Waajjira Maallaqaa Magaalichaa ---------------------------------- Miseensa;
   (j) Dhaabbata Humna Ibsaa -------------------------------------------- Miseensa;
   (k) Kutaalee Magaalichaa Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa qaban keessaa Walitti Qabaan kan filatamu hooggansa tokko -------- Miseensa;
   (l) Maamiloota bishaanii keessaa nama lama (tokko dubartii) ----------- Miseensa.

2) Boordiin Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalichaa Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Kutaalee Magaalichaa hunda giddugaleessummaan kan hoogganu ta'ee, aangoofi hojiin, sirni ittigaafatamummaafi sirni waalgahii Boordichaa akkaataa seerota Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhagala'aa Naannichaatiin ta'a.

**33. Misooma Qonnaafi Fayyadamummaa Qonnaan Bulaa Mirkaneessuu**

1) Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Magaalichi dhimma misooma qonnaa ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Hojiiwwan qonnaa magaalicha keessatti gaggeeffamu qonnaan bultoota caalmaatti bu'a qabeessa taasisuu danda'an qorachuun adda ni baasa; akka ammayyaa'u ni taasisa; galteewwan qonnaa argatanii oomishaafi oomishtummaan isaanii akka dabalu ni hojjeta;
   (b) Misoomni qonnaa magaalichaatti gaggeeffamu wabii nyaataa ummata magaalichaa mirkaneessuu akka danda'uf jiraattonni magaalichaa karaa ammayyaa'een lafa xiqqaa irratti baasii gadi-aanaan hojiiwwan qonna magaalaa akka gaggeessan ni jajjabeessa; ni deeggara; ni hordofa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(c) Hojiiwwan misooma qonnaa magaalichatti gaggeeffaman hawwattummaafi magarisummaa magaalichaa mirkaneessuun madda turiizimii akka ta'u ni hojjeta;

(d) Giddugala gabaa oomishaalee qonnaa ni hundeessa; akka hundaa'u ni taasisa; walitti hidhamiinsi gabaa qonnaan bultootaaf akka uumamuu ni hojjeta; oomisha isaanii kallattiin yookiin sona dabaluun gabaa biyya keessaafi biyya alaatti dhiyeessuun galiin isaanii fooyya'ee jiruufi jireenyi isaanii akka ammayyaa'u ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara;

(e) Sagantaaleefi inisheetiviiwwan fayyadamummaa qonnaan bulaa magaalichaa caalmaatti mirkaneessuu dandeessisan qorachuun hojiirra ni oolcha.

2) Qonnaan bulaan hojiiwwan investimentii adda addaa lafa qabiyyee qonnaan bulichaa irratti gaggeeffamu kanneen akka misooma manaa, albuudaafi kanneen biroo irratti walta'iinsa qonnaan bulaafi Magaalichaa yookiin qonnaan bulaafi abbaa qabeenyaa yookiin qonnaan bulaa, Magaalichaafi abbaa qabeenyaatiin gaggeeffamu kamiyyuu irraa sheerii %30 qonnaan bulichaaf addatti kan qabamuuf ta'ee, %70 hafe akkaataa waliigaltee walta'iinsaatiin sheerii dabalataa kan qabaatu ta'a.

3) Magaalicha keessatti hojiiwwan misooma qonnaa kamiyyuu kan gaggeeffamu qonnaan bulaa magaalichaatiin qofa ta'a.

4) Giddugala Gabaaa oomishaalee qonnaa bulchiinsa magaalichaa keessatti mootummaan ijaaramu keessaa %30 qonnaan bulaa magaalichaatiif kan kennamu ta'a.

34. Eegumsa Naannoo

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Magaalichi dhimma eegumsa naannoo ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Sagantaaleefi teknolojiiwwan ammayyaa magaalicha keessatti faalama naannoo ittisuufi to'achuu dandeessisan hojiirra akka oolan ni taasisa;

2) Istandariiwwan qulqullina magaalichaa karaa qajeeltoo magaalaa ammayyaafi miidhagduu giddugaleessa godhateen ni qopheessa; hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

3) Magaalicha keessatti sirni ammayyaa qabiinsa, dhabamsiisaafi deebisanii faayidaa irra oolchuu balfaa teknolojiin deeggarame akka diriiru ni taasisa; hojiirra ni oolcha;

4) Magaalicha keessatti sirni balfa jajjaboo adda baasuufi deebisanii itti fayyadamuu dandeessisu akka diriiru ni taasisa; hojiirra ni oolcha; qaamolee balfa jajjaboo deebisanii itti fayyadamuu irratti hojjetan ni jajjabeessa; kanneen jajjabeessituu argachuu qaban addaan baasuun akka argatan ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffaamaa ni fudhata;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

5) Misoomni magaalichatti gaggeeffamu kamiyyuu manca'insa naannoo kan hin geessifne ta'uufi sakatta'insa dhiibbaa naannoo irratti kan hundaa'e ta'uu isaa ni mirkaneessa; qabeenyi uumamaa Magaalicha keessatti argamu akka misoomuufi kunuunfamu ni taasisa; akka hin mancaane ni ittisa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
6) Lageen magaalicha keessatti argaman akka hin faalamne qaamolee dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta; misooma qarqara lageenii ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; iddoo hawwataafi bashannanaa akka ta'u ni hojjeta;
7) Gaarreen magaalicha keessatti argaman bocaafi bareedina uumamaan qaban osoo gadi hin lakkisiin misoomanii bakka hawwata turiizimii akka ta'an ni hojjeta; bu'uuraalee misoomaa karaa guutuu ta'een akka qabaatan ni hojjeta;
8) Biqiltuuwwan haala qileensa naannoo waliin walsimuufi magarisummaafi miidhagdummaa magaalichaa mirkaneessuu danda'an qorachuun akka dhaabaman ni taasisa; ni kunuunsa.

35. Misooma Daldala

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Magaalichi dhimma misooma daldalaa ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Tajaajila galmeessaafi hayyama hojii daldalaa ni kenna; ni haaromsa; ni dhorka; ni haqa; qaama dhimmi ilaalatuuf ragaa ni dabarsa;
2) Daataa beezii daldaltootaa magaalichaa ni hundeessa; ni bulcha; kan sadarkaa Naannoo waliin teknolojiin akka walitti hidhamu ni taasisa;
3) Mana Maree Daldalaafi Waldaalee Saktaraa Magaalicha keessatti akka hundaa'u ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;
4) Giddugala gabaafi wiirtuuwwan odeeffannoo gabaa magaalicha keessatti ni hundeessa; akka hundaa'u ni taasisa;
5) Maggalicha keessatti Zoonii daldala bilisaa akkaataa pilaaniitiin ni hundeessa;
6) Seerota dantaafi mirga shammattootaa ilaallatan hojiirra ni oolcha; akka hojjiirra oolan ni taasisa; qaamolee qaala'iinsa gatii meeshaaleefi tajaajilaa haala hin malleen uuman irratti akkaataa seeraatiin tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
7) Sagantaaleefi inisheetiviwwan qala'iinsa jireenyaa magaalicha keessatti hirrisuu danda'an qorannoo irratti hundaa'uun hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolan ni taasisa;
8) Sirna jiraattonni magaalichaa dhiyeessii meeshaalee bu'uuraa haala ammayyaa'aa ta'een itti argachuu danda'an ni diriirsa; waldaaleen hojii gamtaa, Interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaafi daldaaltoonni gatii madaalawaan meeshaalee bu'uuraa akka dhiyeessan ni deeggara; ni jajjabeessa; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;



Mootummaa Naannoo Oromiyaa Waajjira Pirezidantii Bulchiinsa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

9) Daldalli magaalicha keessatti gaggeeffamu karaa ammayyaa ta'een teknolojiin deeggaramee akka gaggeeffamu ni hojjeta; daldala seeraan alaa akka hin gaggeeffamne ni ittisa; ni to'ata; qaamolee daldala seeraan alaa irratti bobba'an irratti akkaataa seeraatiin tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa.

36. Waraqaa Eenyummeessaa Kennuu

1) Waajjiri Galmeessa Siivilii Magaalichaa odeeffannoo guutuu karaa ammayya'waa ta'een galmeessuun waraqaa eenyummaa dijiitaalawaa jiraattota magaalichaaf kan kennu ta'a.
2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin waraqaan eenyummaa kan kennamu ragaafi odeeffannoon jiraattoota magaalichaa haala ammayyaa'aa ta'een dursee qindeessee qabachuun ta'a.
3) Hojiiwwan waraqaa eenyummaa kennuutiin walqabatee sadarkaa Bulchiinsa Magaalaa, Kutaa Magaalaafi Aanaa Magaalaatti raawwataman akkaataa dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajilaa mirkaneessuu dandeessisuun Manuwaalii Waajjirichi qopheessuun kan murtaa'u ta'a.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hanga meeshaaleen ammayyaa tajaajila kennuuf barbaachisu guutamutti waraqaa eenyummeessaa yeroo kan kennamu ta'a.
5) Waajjirichi Tajaajila kennuuf kaffaltii tajaajilaa hangi isaa tuma magaalaa Mana Maree Magaalichaatiin murtaa'u kan kaffalchiisu ta'a.

37. Baajataafi Galii Magaalichaa

Aangoofi hojiin seerota biroon kennamaniif akkuma jirutti ta'ee; Bulchiinsi Magaalichaa baajataafi galii irratti aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Bulchiinsi Magaalichaa baajatan kan of-danda'u ta'ee, Mootummaan Naannichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti Magaalichaaf deeggarsa baajataa taasisuu ni danda'a;
2) Baajanni Magaalichaa bulchiinsa magaalichaatiin qophaa'ee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin kan mirkanaa'u ta'a;
3) Bulchiinsi Magaalichaa galii gibiraafi tajaajilaa akkaataa seeraatiin ni murteessa; walitti ni qaba; akka walitti qabamu ni taasisa; ni bulcha; beekamtii Biiroo Maallaqaa Oromiyaatiin akkaataa seeraatiin misoomaafi guddina Magaalichaaf ni oolcha;
4) Sirni qoodinsa galiifi baajataa Kutaalee Magaalaafi Aanaalee Magaalaa bulchiinsa magaalichaa foormulaa dorgomummaafi bu'a qabeessummaa jajjabeessuufi haqa qabeessaa bu'uureeffateen raawwatamuu qaba;
5) Manni Maree Magaalichaa Kutaalee Magaalaafi Aanaalee Magaalicha jala jiraniif baajata hojii addaa murtaa'eefi deeggarsaaf oolu ni kenna;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

6) Deeggarsi baajata akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin taasifamu yammuu qoodamu kenniinsa tajaajilaafi haqa-qabeessummaa facaatii bu'uuraalee misoomaa tilmaama keessa galchuu qaba;
7) Manni Maree Magaalichaa pirojektoota haala addatiin jajjabeessuu barbaadu irratti baajata baasii barbaachisu uwwisuuf gargaaru qooddii galiin alatti Kutaalee Magaalaafi Aanaalee Magaalaa deeggarsa addaa kennuu ni danda'a.

38. Aangoofi Hojii Magaalichi Albuuda Irratti Qabu

Aangoofi hojiin seerota biroon kennamaniif akkuma jirutti ta'e, Bulchiinsi Magaalichaa albuuda ilaalchisee aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Bulchiinsi Magaalichaa albuuda magaalicha keessatti argamu ni bulcha; ni eega; akka misoomu ni taasia;
2) Hayyama hojiiwwan albuudaa magaalicha keessatti gaggeeffamu akkaataa seera rogummaa qabuun ni kenna; ni haaromsa; ni dhorka; ni haqa;
3) Misoomni albuuda magaalicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu bu'uura pilaanii magaalichaatiin akka raawwatamu Abbaa Taayitaa Albuudaa Oromiyaa wajjin qindoomuun ni hojjeta;
4) Gochaa seeraan alaa albuuda irratti raawwatamu ni ittisa; ni to'ata; qaama dhimmi isaa ilaallatu wajjin qindoomianaan ni hojjeta; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasia;
5) Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaafi Boordii Hojii Misoomaawwan Albuudaa Oromiyaa wajjin qindoominaan ni hojjeta;
6) Misoomni albuudaalee ijaarsaa magaalicha keessatti qabiyyee lafa qonnaan bulaa irratti argamu qonnaan bulichaafi maatiiwwan qonnaan bulichaa qofaan akka gaggeeffamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;
7) Magaalicha keessatti seerota albuuda ilaallatan hojiirra ni oolcha.

39. Aangoofi Hojii Konistraakshinii Magaalichaa Ilaallatan

Aangoofi hojiin seerota biroon kennamaniif akkuma eegametti ta'ee, Bulchiinsi Magaalichaa dhimmoota konistraakshinii irratti aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Gatii yeroo meeshaa ijaarsaafi humna namaa magaalicha keessatti qoratee qindeessuun seektaroonni akka beekan ni taasisa;
2) Istaandaardii, sadarkaafi koodota ijaarsa gamoo, bishaanii, jallisiifi daandii magaalichaa ni qopheessa; dizaayinii ijaarsaa Magaalichaa keessatti gaggeeffaman sadarkaafi koodii eeguu isaanii xiinxaluudhaan ni mirkaneessa; ol'aantummaan ni to'ata;
3) Dizaayiniin pirojektota ijaarsa dhuunfaa yookiin investimentii gaggeeffaman sadarkaafi koodii eeguu isaanii ni xiinxala; ni mirkaneessa; hayyama hojii ijaarsaa ni kenna;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

4) Dizaayiniifi waliigaltee ijaarsa pirojektota baajata Mootummaatiin gaggeeffamaniif qophaa'ee dhiyaatu ilaalchisee raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;
5) Ijaarsa pirojektota magaalichi gaggeessu kamiyyuu ni hordofa; raawwii isaas ni madaala; ijaarsi pirojeektii akkaataa istaandaardii qophaa'een raawwatamuu isaa erga mirkaneessee booda kaffaltiin akka raawwatamu ni taasisa; rakkoo mudatu qorachuun yaada furmaataa ni dhiyeessa;
6) Fedhii hojiiwwaniifi dizaayinii konistraakshinii Magaalichaa ni qorata; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yeroo hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
7) Ijaarsaafi walharkaa fuudhiinsa ijaarsa gamoo, bishaanii, jallisii, daandiifi kanneen biroo irratti to'annoo ni gaggeessa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
8) Ijaarsawwan Magaalicha keessatti gaggeeffaman meeshaalee ijaarsaa naannootti argamuun akka ijaaramaniifi gatiin ijaarsa pirojektotaa madaalawaa akka ta'u sadarkaa adda addaa qopheessee hojiirra akka oolu ni taasisa;
9) Dizaayinii gorsitootaan yookiin qaama biraatiin hojjatame ni qorata; ni mirkaneessa; kafaltii ni mirkaneessa; hordoffiifi to'annoo hojiiwwan ijaarsaa ni raawwata;
10) Tajaajilli bu'uura misooma adda addaa kan akka ibsaa, bishaanii, bilbila, daandii, sarara dhangala'aafi kanneen biroo magaalicha keessatti dizaayiniifi sadarkaa ijaarsaa eeggatanii ijaaramuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
11) Hojiiwwan to'annoo misooma industirii konistiraakshinii ni raawwata;
12) Bu'uura seera gamootiin hojiiwwan qulqulleessa pilaanii magaalotaa ni raawwata; dizaayinii ni gamaaggama; hayyama ijaarsaafi itti fayyadamaa ni kenna;
13) Magaalicha keessatti kontiraaktaroota keessumattuu waldaalee maayikiroofi xixiqqaa hojii gorsaafi konistiraakshinii irratti bobba'an dandeettiin isaanii cimee qulqullina qabaatanii gabaa irratti dorgomaa akka ta'an ni jajjabeessa; deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
14) Bittaawwan konistiraakshinii ni to'ata; akka to'atamu ni taasisa;
15) Magaalicha keessatti galteewwan ijaarsaa oomishamu yookiin dhiyaatu bu'uura istaandaardii qulqullinaatiin ta'uu ni hordofa; ijaarsi magaalicha keessatti gaggeeffamu meeshaalee ijaarsa qulqullinni isaanii mirkanaa'een ta'uu ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
16) Giddugala qorannoo laaboraatoorii galteewwaan ijaarsaa magaalicha keessattti argaman ni hordofa; haaraa ni hundeessa; ni bulcha;
17) Hojiiwwan konistraakshiniin walqabatee seerota birootiin kan tumaman magaalicha keessatti karaa guutuu ta'een hojiirra ni oolcha;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

40. Hojimaata Walta'iinsa Mootummaafi Qaamolee Dhuunfaa

1) Hojiiwwan daldalaafi investimentii walta'iinsa mootummaafi qaama dhuunfaatiin magaalicha keessatti gaggeeffaman kamiyyuu:
   (a) Faayidaafi bu'aa caalmaa hojichi argamsiisu irratti kan hundaa'e;
   (b) Ce'umsa teknolojiitiif bu'uura kan buusu, dandeettii raawwachiisummaa abbootii qabeenyaa biyya keessaa, hirmaannaafi fayyadamummaa qonnaan bulaan magaalichaa diinagdee keessatti qaban cimsuu irratti kan xiyyeeffate;
   (c) Eegumsa naannoofi qabeenya uumamaa irratti dhiibbaa hin malle kan hin geessisneefi fedhii hawaasa naannoo giddugaleessa kan godhate;
   (d) Iftoomina, ittigaafatamummaafi amanamummaa karaa mirkaneessuun gaggeeffamuu qaba.
2) Piropoozaalli pirojektii walta'iinsaa magaalichaa yookiin qaamolee dhuunfaan dhiyaachuu ni danda'a.
3) Hojiiwwan daldalaafi investimentii magaalichiifi qaamoleen dhuunfaa walta'iinsaan irratti hojjachuu danda'an kanneen armaan gadiiti:
   (a) Hojiiwwan damee qonnaa;
   (b) Hojiiwwan ijaarsaa kan akka ijaarsa gamoo, riil isteetiifi kan kana fakkaatan;
   (c) Industiriifi maanufaakchariingii;
   (d) Hojii misooma albuudaafi inarjii;
   (e) Hojiiwwan dhiyeessii tajaajila hawaasummaa kan akka dhaabbilee barnootaa, fayyaafi kan biroo;
   (f) Hojiiwwan eegumsa naannoofi bulchiinsa balfaa;
   (g) Hojiiwwan saayinsiifi misooma teknolojii qunnamtii odeeffannoo;
   (h) Aadaa, hoteelaafi tuurizimii, giddugala bashannanaafi ispoortii;
   (i) Hojiiwwan damee faayinaansii;
   (j) Hojiiwwan damee daldalaafi kanneen kana fakkaatan biroo ni dabalata.
4) Hojiiwwan daldalaafi investimentii walta'iinsa mootummaafi qaamolee dhuunfaatiin magaalicha keessatti gaggeeffamu Waajjira Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa magaalichaatiin kan qindaa'u ta'a.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, seeronni Naannichaa rogummaa qaban hojiiwwan magaalichi walta'iinsaan qaamolee dhuunfaa waliin hojjetu irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta'a.

41. Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Magaalichaa

1) Magaalichi dhaabbilee misoomaa mootummaa galma gahiinsa kaayyoo hundeeffama isaa deeggaran qabaachuu ni danda'a.
2) Bulchiinsi Magaalichaa dhaabbilee misoomaa mootummaaa magaalichatti hundeessuun barbaachisu qoratee yookiin qorachiisee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yemmuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;



Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

3) Haalli hundeeffamaafi bulchiinsa dhaabbilee misooma mootummaa magaalichaa bu'uura seerota dhaabbilee misooma mootummaa Naannichaafi seerota biroo rogummaa qabaniin ta'a.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, bu'aa qulqulluu dhaabbileen misoomaa mootummaa magaalichaa argatan keessaa qoodni bu'aa mootummaa Fandii Misoomaa Magaalichaa akkaataa Qajeelfama kana keewwata 43(1) hundeeffametti galii ta'uu qaba.

5) Magaalichi karaa dhaabbilee misooma mootummaa magaalichaa yookiin walta'iinsa dhaabbilee misooma mootummaafi nama dhuunfaa wajjin ta'uun hojii bu'uuraalee misoomaa, kenniinsa tajaajilaafi investimentii irratti bobba'uu ni danda'a.

42. Aangoofi Hojii Manneen Hojii Qaamolee Raawwachiiftuu Magaalichaa

Dhimmoonni sababa imaammatummaatiin mana hojii sadarkaa Naannoo jiru qofatti akka hojjetamu taasifamu akkuma eegametti ta'ee, manneen hojii qaamolee raawwachiiftuu Magaalichaa aangoofi hojii Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaa Lakkoofsa, 242/2014 fi seerota biroo rogummaa qabaniin mana hojii isaanii sadarkaa Naannoo jiraniif kenname sadarkaa magaalichaa kan qabaatan ta'a.

## Kutaa Torba

## Fandii Misoomaa Magaalichaa

43. Hundeeffamaafi Bulchiinsa Fandii Misoomaa

1) Fandiin misoomaa Magaalaa Shaggar kanaan booda "Fandii" jedhamee kan waamamu, madda faayinaansii dhaabbataa misooma magaalichaaf oolu ta'ee qajeelfama kanaan hundeeffamee jira.

2) Fandiin Misoomaa kun Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin kan bulu ta'a.

44. Madda Galii Fandii Misoomaafi Akkaataa Itti Walitti Qabamu

1) Maddi galii Fandii Misoomaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

(a) Bu'aa qulqulluu Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa magaalichaa irraa;

(b) Gurgurtaa qooda yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa magaalichaa irraa;

(c) Deeggarsa maallaqaa mootummaafi deeggartoota misoomaa irraa argamu;

(d) Madda galii biroo Mana Maree Bulchiinsaa Magalichaatiin murtaa'u irraa.

2) Dhaabbanni misoomaa mootummaa misooma magaalichaaf hundeeffamu kamiyyuu barri bajataa xumuramee ji'a jaha keessatti bu'aa qulqulluu argate irraa %5 herrega of eeggannootti galchee kan hafe guutummaan guutuutti herrega Fandii Misoomaa Magaalichaatti galchuu qaba.

3) Waajjiri Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Magaalichaa bu'aan qulqulluu galii ta'uu qabu herrega Fandii Misoomaatti galii ta'uu isaa ni hordofa; ni deeggara;

45. Itti Fayyadama Fandii Misoomaa

1) Maallaqni Fandii Misoomaa hojiirra kan oolu dhimmoota armaan gadii qofaaf ta'a:

(a) Baasiiwwan Kaappitaalaa misooma magaalicha keessatti gaggeeffamuuf;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(b) Kaappitaala Dhaabbata Misoomaa Mootummaa hundaa'e guddisuuf;

(c) Kaappitaala ka'umsaa Dhaabbata Misooomaa Mootummaa haarawwaa Magaalichatti hundaa'uuf.

2) Magaalichi maallaqa Fandii Misoomaa kan ittifayyadamuu danda'u beekamtii Biiroo Maallaqaa Oromiyaa qofaan ta'a.

46. Haala Qabiinsa Herrega Fandii Misoomaa

1) Fandiin Misoomaa galmee herregaafi harshammeewwan faayinaansii guutuufi sirrii ta'e addatti ni qabaata.

2) Fandiin Misoomaa seera bulchiisa faayinaansii mootummaa eeggatee kan hojiirra oolu ta'a.

3) Galmeen herregaafi harshammeewwan faayinaasii Fandii Misoomaa Mana Hojii Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama inni bakka buusuun waggaa waggaan ni qoratama.

Kutaa Saddeet

Tumaalee Adda Addaa

47. Aangoofi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Bulchiinsi magaalichaa akkaataa kaayyoo hundeeffama magaalichaatiin misoomaa jiraachuu ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

2) Pilaanii misooma ispaashaalaafi pilaanii caasawaa Magaalichaa qophaa'ee dhiyaatuuf ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hodofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

3) Fooyya'iinsa yookiin jijjiirraa pilaanii misooma ispaashaalaafi pilaanii caasawaa Magaalichaa qophaa'ee dhiyaatuuf ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hodofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

4) Lafa tajaajila investimentiif oolu bulchiinsa magaalichaan qophaa'ee dhiyaatu ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

5) Baajata Bulchiinsa Magaalichaa qophaa'ee dhiyaatuuf ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa.

48. Sirna Hordoffiifi Deeggarsaa Manneen Hojii Mootummaa Sadarkaa Naannootiin Taasifamu

1) Manni hojii mootummaa sadarkaa Naannoo jiru kamiyyuu caasaa isaa sadarkaa magaalichaatti argamu aangeessuu, gahoomsuufi qindoominaan hojjechuu qaba.

2) Manneen hojii mootummaa sadarkaa Naannoo jiran caasaa isaanii sadarkaa Magaalichaa jiran hordoofuufi deeggarsa barbaachisu taasisuuf dirqama qabu.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional ... Office of the P...

3) Hordoffiifi deeggarsi akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin taasifamu seeraafi hojimaata diriiree jiru irratti hundaa'ee karaa bu'a qabeessummaa magaalichaa mirkaneessuun ta'uu qaba.
4) Manneen hojii sadarkaa Naannoo yemmuu qajeelfamootafi manuwaaliiwwan hojii adda addaa baasan bu'a qabeessummaa Bulchiinsa Magaalichaa karaa daraan milkeessuu danda'uun ta'uu qaba.

**49. Ittigaafatamummaa Manneen Hojii Mootummaa Bulchiinsa Magaalichaa**

1) Manneen hojii mootummaa Bulchiinsa Magaalichaa seerotaafi hojimaata mana hojii isaanii sadarkaa Naannoo jiraniin bahan hordofanii hojjechuufi hojiirra oolchuu qabu.
2) Manneen hojii mootummaa Bulchiinsa Magaalichaa karooraafi gabaasa hojii isaanii yeroo yeroon mana hojii isaanii sadarkaa Naannoo jiraniif dhiyeessuu qabu.

**50. Aangoofi Hojii Kantiibaa Magaalichaa**

Aangoofi hojii seerota birootiin kennameef aklkuma eegametti ta'ee, Kantiibaan Magaalichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waliigalteewwan Bulchiinsi mootummaa Naannichaa yookiin Bulchiisni Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee duraanii dhimmoota bishaan dhugaatiifi dhangala'aa, dhimmoota eegumsa naannoofi kanneen walfakkaatan biroo ilaalchisee raawwate Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa bakka bu'uun aangoofi hojii Pirezidaantiin qabu hojiirra ni oolcha;
2) Aangoofi hojii pirezidaantii mootummaa naannichaafi Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa bakka bu'ummaan kennuuf hojiirra ni oolcha.

**51. Aangoo Maanuwaalii Hojii Baasuu**

Manneen hojii Bulchiinsa Magaalichaa Dambii Lakk.233/2015 fi Qajeelfama kana karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuuf maanuwaalii hojii manni hojii isaanii sadarkaa olii jiru baaseen haala wal-simuun baasuuf aangoo ni qabaatu.

**52. Aangoo Qajeelfama Kana Fooyyessuu**

Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa barbaachisaa ta'ee yoo argame Qajeelfama kana fooyyessuu ni danda'a.

**53. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaatiif dirqama deeggarsa kennuu qaba.

**54. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Qajeelfamniifi hojimaanni Qajeelfama kana wajjin walfalleessu kamiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti hammatamaman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

55. Yeroo Qajeelfamichi Hojiirra Itti Oolu

Qajeelfamni kun guyyaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin mirkanaa'e Ebla 28 bara 2015 irraa eegalee hojiira kan oolu ta'a.

Finfinnee,

Ebla 28 Bara 2015

Shimallis Abdiisaa Ulfaataa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa